INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA



BARREESSA MURTII

Qopheessaan:

Alamaayyoo Taganee (LL.B, LL.M)

Guraandhala 2001

Baafata

Fuula

Seensa …… 1

Kutaa I: Barreessa Murtii Akka Waliigalatti: ---------- 4

Seensa……4

1.1. Barreessa Murtii: Sirna 'Common Law' fi 'Civil Law'----------5

1.1.1. Gurmaa'ina dhaabbataa---------- 5

1.1.2. Sirna kenniinsa murtii----------6

1.1.3. Kenniinsa barnootaa fi muuxannoo ogummaa----------7

1.2. Qajeeltoowwan barreessa murtii----------7

Kutaa II: Barreessa Murtii: Itoophiyaa----------19

Seensa…… 19

2.1. Gosota murtii abbaa seerummaa seeroota deemmii keessatti tumaman----------20

2.1.1. Seera deemmii siviili keessatti----------20

2.1.2. Seera deemmii yakkaa keessatti----------26

2.2. Qabiyyee fi barreessa murtii----------29

2.2.1. Qabiyyee fi barreessa murtii siviili sadarkaa duraa----------30

2.2.2. Qabiyyee fi barreessa murtii yakkaa sadarkaa duraa----------43

2.2.3. Qabiyyee fi barreessa murtii oliyyannoo/ijibbaataa---------- 45

2.3. Barreessa murtiin walqabatee rakkoowwan jiran----------49

2.3.1. Barreessa firii dubbiin walqabatee----------49

2.3.2. Barreessa ijoo dubbiin walqabatee---------- 50

2.3.3. Xiinxalaan walqabatee---------- 51

2.3.4. Qabxiilee biroon walqabatee---------- 53

Maddewwan ---------- 63

Miiltoo---------- 64

Seensa

> *"Good judgments enhance the image and perception associated with the justice delivery process and increases public confidence in the judiciary. Litigant public at all times look forward to just, fair and quality justice. A well written to the point judgment based on comprehensive analysis of facts and law is not only an indication of the intellectual strength of a judge but also is a sign of a worthy judicial system. It is therefore indispensable that judges acquire the skill to write good judgments."*
>
> ***B.G.Harindranath***

Dhimmi mana murtiiti dhihaatu kamiyyuu akka haala isaatti xummura kan argatu barreessa abbaa seerummaan (judicial writing) waan ta'ef abbaan seeraa kamiyyuurraa barreessutti eegama. Barreessii abbaa seerummaa kunis ibsitoota murtii abbaa seerummaa moggaaffama 'ajaja', 'decree' fi murtii (judgment) jechuun beekaman kan hammatuudha. Moggaaffama kanaan murtiin abbaa seerummaa kennamu mirga bitaa fi mirgaa (lubbuu, bilisummaa fi mahallaqaa) irratti bu'aalee adda addaa kan hordofsisudha.

Amaluma hojii abbaa seerummaa ta'ee manni murtii bitaa fi mirga keessaa isa tokkoof ni murteessa; isa kaan irratti immo ni murteessa. Kanaaf murtiin gareen tokko garee kaan mohuu isaa ibsudhaan kan barreeffamudha. Inni itti murtaa'ee ammo maaliif jechuun isaa hin oolu. Maaliif akka irratti murtaa'ee sababa isaa waliin beekuuf mirga mirga ol'iyyannoo burqu qaba. Murtiinis haala mirga kana dhugoomsuu dandayuun barreeffamu qaba. Kana malees inni itti murtaa'es ta'e namni kamiyyuu murtichaa fi sababa murtichaa maal akka ta'e ibsa dabalataa tokko malee akka hubachuu dandayuuf murtiin qooqa salphaa fi ifa ta'en barreeffamu qaba.

Manni murtii hawaasa mana murtiitin ala jiru wajjiin sararri ittiin wal-qunnamu keessaa tokko murtiidhaani. Hawaasni jabinnaa fi laafinna manneen murtii kan madaalus ta'e manneen murtii irratti amantaa kan gatuu murtumma kanaanii. Kanaaf murtii barreessuun hojii abbaa seerummaa isa muummee fi hojii of eggannoo ol'aanaa barbaaduudha.

Manni murtii hawaasaaf tajaajila haqaa kennuuf qaama dhaabatee yammuu ta'u haqa kanaas kan bulchu murtii kennuudhaani. Kallattii kanaan hawaasni manni murtii ariitiin/dafee murtii akka kennuu qofa osoo hin taane murtiin mana murtichaa kan qulqullina qabu akka ta'u barbaadu. Qulqullini murtii wantoota adda addaa irratti kan hundaa'ee ta'us kana keessaa tokko barreessa murtiiti. Barreessii murtii ammoo beekumsa seeraa qofa osoo hintaane dandeetti/ogummaa murtii barreessuu kan gaafatuudha. Dandeettiin/ogummaa kun ammoo beekumsa seeraa qofaan kan argamu osoo hin taane shakaallii yeroo dheeraa fi muxannoon kan argamuudha. Haala kanaas oggeessi seeraa tokko: **"***Judgment writing is an art by itself and can not possibly acquired in any perfection without adequate knowledge, long practice and experience*" jechuun haala dansaa ta'en kaayaniru.

Dandeettii/ogummaa murtii barreessuu gabbifachuun tattaafi fi cimina tokko tokko abbaa seeraa kan gaafatu ta'us akka waliigalatti murtii gaarii ta'e tokko barreessuuf qabxiilee abbaan seeraa tokko hubachu qabu jiru. Kana waan ta'ef qulqullina murtilee manneen murtii keenyaa mirkaneessuuf barreessa murtii irratti hubannoo abbootii seeraa cimsuun barbaachisaadha. Qabiyyee fi raawwannaa seerota barreessa murtii ilaallatanii fi kallattii kanaan qabatamaatti rakkoowwan jiraniis sakatta'un murteessadha. Kaayyoon moojuulii kanaas kanuma.

Kaayyoo kana galmaan gahuuf moojuulichi kutaa lamati qoodame akka qophaa'u godhameera. Kutaa tokkoffaa keessatti barreessa murtii akka waliigalatti ni dhihaata. Kutaa lammaffaa keessatti ammo Itoophiyaatii barreessii murtii maal akka fakkaatuu fi kanaan walqabatee rakkoowwan seeraa fi raawwii jiran ni sakatta'ama.

Haa ta'u malee moojuuliin kun qoranaa bal'a irratti hundaa'e kan kophaa'e waan hin taaneef leenjifamtooni muuxannoo qaban hundee godhachudhaan qabxiilee ka'umsaaf moojuulicha keessatti hammatama mariidhaan ni gabbisuu jedhameetii eegama.

Dhuma leenjii kana irratti leenjifamtoonni:-

- Mala barreessa murtii wantoota daangeessan ni hubatu.
- Waa'ee barreessa murtii hubannoo qaban ni cimsatu.
- Qabiyyee fi raawwannaa seerota barreessa murtii ilaallatan ni xiinxalu.
- Barreessa murtiin walqabatee rakkoowwan qabatamaatti jiran addaan ni baafatu; furmaataas ni kaayu.
- Dandeettii murtii barreessuu gabbiffachuun; murtii qulqullina ykn bilichina qabu kennu ni dandayu.

Kutaa I

Barreessa Murtii Akka Waliigalatti

"Justice ought to be timely delivered, but at the same time, the judgments rendered by a Court, which are the means for the delivery of justice, should be framed in the best possible manner…."

Justice Mohammad Rafiq

Seensa

Murtii barreessuuf malli abbootiin seeraa fayyadaman gar gara. Burqaan garaagarummaa kanaas sadarkaa ogummaa fi muxannoo abbaa seerummaa ta'uu ni dandaya. Hunda caala garuu, burqaan garaagarummaa kanaa sirna seeraa (legal tradition) biyyii tokko hordoftuudha jechuun ni dandayama. Kana waan ta'ef abbootiin seera sirna 'Common Law' fi 'Civil Law' keessa jiran mala barreessa murtii adda addaa hordofu.

Haa ta'u malee abbootiin seeraa sirnoota seeraa lameenuu murtii gaarii ta'e tokko barreessuuf qajeeltoowwan hordofu qaban jiru. Qajeeltoowwan kunis qajeeltoowwan barreessa murtii (Principles of judgment writing) jedhamu. Dabalataaniis abbootii seeraa sirnoota seeraa lameeninuu murtiin barreeffamu qabxiilee hammachu qabu jiru. Qabxiileen kunis firii dubbii, ijoo dubbii, xiinxala, guduunfaa (conclusion) fi 'decree'dha. Kallattiidhaaniis ta'e al-kallattiidhaan barreessii murtii barreessa qabxiilee kanaa kan ilaallatu yammuu ta'u barreessii qabxiilee kanaas kutaa lammaffaa keessatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

Barreessa murtii biyya keenyaa sirritti xiinxaluufi madaaluuf duraan dursee barreessii murtii sirna 'Common Law' fi 'Civil Law' keessatti maal akka fakkaatu fi qajeeltoowwan barreessa murtii maal akka ta'an ilaalluun barbaachisaadha. Kaayyoon kutaa kanaas qabxiilee kana dursa ilaalluun kutaa itti aanuf bu'uura kaayuudha.

Leenjifamtooni kutaa kana erga xumuran booda:-

- Mala barreessa murtii wantoota daangeessan keessaa tokko sirna seeraa biyyii tokko hordoftu akka ta'e ni hubatu.
- Barreessii murtii sirna 'Common Law' fi 'Civil Law' keessatti maal akka fakkaatu ni hubatu.
- Qajeeltoowwan barreessa murtii ni dhaqinneefatu; hojirraas oolchuu ni dandayu.
- Qajeeltoowwan barreessa murtii hundee godhachuun barreessa murtii kamiyyuu madaalu ni dandayu.

1.1. Barreessa murtii: Sirna 'Common Law' fi 'Civil Law'

Akkuma gubaati ibsuuf yaallametti abbootiin seeraa sirna 'Commoun Law' fi Civili Law' keessa jiran murtii barreessuuf malli hordofan garaagarummaa qaba. Sirnootiin kunneen gurmaa'ina dhaabbataatiin, sirna keenniinsa murtii seeraatiin, kenniinsa barnoota seeraatiin fi muuxannoo ogummaatiin gargar ta'uun isaanii bu'uura garaagarummaa gama kanaan mul'atuuti. Isaan kanaas akka itti aanu kanaati gabaabinaan ilaalluuf yaallaa. Dura gurmaa'ina dhaabbataa.

1.1.1. **Gurmaa'ina dhaabbataa**

Sirna'Common Law'keessatti seerotni barreeffaman baay'inaan jiraachuu dhabuun isaanii abbootiin seeraa gahee seera baasummaa akka qabatan taasisuun isaa ni beekama. Gahee isaanii kanaas dhimmoota kanaan dura murtaahanitti gargaaramuudhan cimsanii itti fufu. Waan ta'eefis, hojii seera baasummaa hojjechuu akka isaan dandeessisu kuufama galmeelee hir'isuun dirqama. Fakkeenyaaf, Mana murtii sadarkaa isa dhumaa (House of Lords) Ingilaandiif oliyyannoo dhiheeffachuuf hayyama argachuun barbaachisaa dha. Dirqamni hayyamaa kun jiraachun isaa manni murtichaa waggaa keessatti galmeelee muraasa qofa akka ilaallu haala mijeessuuf waan ta'eef, firii dubbii gadi fageenyaan xiinxalee murteessuf akkasumas dirqama seera baasummaa isaa bahuuf haala mijaawaa ni qabaata.

Gama birootiin, abbootiin seeraa biyya sirna'Civil Law' keessa jiran aangoo seera baasummaa hinqaban. Fakkeenyaaf biyya Faransaay ilaaluu ni dandayama. Biyyaa sirna 'Civil Law' hordoftu keessa abbootiin seeraa hojjatan hojiin isaanii seericha dhimmoota qabatamaa ta'aniin wal simachiisuu bira kan darbu miti. Manni murtii sadarkaa dhumaa Faransaayi, waggaa keessatti lakkofsi, galmeelee ilaalu toora 4,000 ni ta'a. Kanaafuu, abbootiin seeraa murtiiwwan duraanii, imaammatoota filannoo fi firii dubbii tokko tokkoon hin ilaalan. Murtiiwwaan barreessanis daran gaggabaaboo dha.

Gara mana murtii sadarkaa duraatti yoo gadi buunu ammo, biyyoottan 'Civil Law' kan akka Faransaayitti, firiin dubbii abbootii seeraaf osoo hin dhihaatin dura abbaa seeraa sakatta'u (instructing judge) ni jira. Abbaan taayitaa kun abbootii seeraa dhimmicha boodarra ilaalan keessaa isa tokko ta'u ni dandaya. Innis iyyata himannaa fi ragaalee qo'achuudhaan mana murtiif yaada isaa gabaabsuudhaan ni dhiheessa. Kana waan ta'eef, abbootiin seeraa firii dubbii tokko tokkoon dubbisuu fi jecha shaayidaa dhagahuu irratti hin bobbayan. Yaada ibsaa isaanif dhiyaate irratti haala si'oomina qabuun ni murteessu.

Biyyoottaan sirna 'Common Law' hordofan keessatti firii dubbii tokko tokkoon isaa fi ragaalee, qulqulleessitootni firii dubbii hawaasa keessaa filataman (jury) manneen murtii sadarkaa duraatti fuudhudhaan ni qo'atu.

Manneen murtii ol'iyyata dhagahan ilaalchisee biyyoottan 'Civil Law' keessatti firii dubbii fi gaaffii seeraa falmiif ka'umsa ta'an deebi'anii kan qo'atan yoo ta'u, biyyoottan 'Common Law' keessatti garuu, firiin dubbii falmiif ka'umsa ta'an 'jury' dhan ilaalamanii kan xumuraman mana murtii sadarkaa duraatti waan ta'eef dhaddachi oliyyannoo kan xiyyeeffatu gaaffii seeraa qofa ta'a.

1.1.2. **Sirna kenniinsa murtii**

Sirna 'Common Law' keessatti abbaan seeraa tokkoon tokkoon isaa murtii mataa isaa ni barreessa. Murtii dhumaa irratti kan waliigalan yoo ta'ellee akkaataa deemsa fi falmiitin gargar ta'uu ni danda'u. Abbaan seeraa tokkoon tokkoon isaa wixinee murtii abbaa seeraa biraatti ni argisiisa. Waan ta'eefis yaadni garaagarummaa murtii kan kennamu wixinee sana ilaalluun ta'a.

Sirna ‘Civil Law’keessatti garaagarummaan yaada murtii galmee murtii irratti hin barreeffamu. Haayyootin sirnichaa, manni murtichaa yaadan gargar bahuu isaa argisiisun, murtichi ummata biratti ulfinni barbaachisaa ta’e akka hin kennamneef ni taasisa jechuudhan sababa dhiheessu.

Abbaan seeraa ‘Common Law’ murtii osoo hin kennin dura murtilee duursanii kennaman qorachuu qaba. Murtiilee kanneen cinatti dhiisudhaaf sababa fi falmii cimaa dhiheessutu isa irra jiraata. Gama birootin ammo abbaan seeraa dhaddacha ijibbaataa murtiilee duraanii mana murtichaa salphumatti cinatti dhiisuu ni danda’a.

1.1.3. Kenniinsa barnoota seeraa fi muuxannoo ogummaa

Biyyoottan ‘Civil Law’ keessatti barnootni seeraa kennamu barattoota rakkoolee qabatamaan hojii irratti isaan qunnamuu dandayuu kan akka mala barreessa murtiif kan isaan qopheessu miti. Barumsi seeraa, akka yaada bu’uuraatti yaada waliigalaa (general concept) irratti malee dhimmoota teknikaalawaa irratti kan xiyyeeffatu miti. Sirumaayyuu barnootni kennamu falasamaa fi yaada’abstract’ta’e irratti kan xiyyeeffatee dha. Ogumman bal’inaan Yunivarsiitii booda shakaalaan ykn leenjii dabalataa addaatiin kan haguugamuu dha.

Biyya Ameerikaatti garuu haala kan armaan olitti ibsameen adda ta’een barumsi seeraa barumsa ogummaati. Akkasumas, barumsa eebba duubatii. Xiyyeeffannon isaatis toofta (method) jechuunis firii dubbii fi seera barbaachisoo ta’an kan addaan baasu, firii dubbii baay’inaan kennaman bifa qabsiisuudhan barreessuun, xiinxala seera gaggeessuu (legal analysis) fi kan kana fakkaataan irratti dha. Qabiyyee keewwattoota seeraa hubachuun salphadha jedhamee waan tilmaamamuuf barataan ofuma isaatiif dursuudhaan dubbisee akka dhufu taasifama.

Qixa leenjii ogummaatiin yammuu ilaallu ammo biyyoottan fakki ‘Civil Law’ ta’an keessumattuu abbootii alangaa fi abukaatootaf Yunivarsiitii booda leenjiilleen ogummaa gosa adda addaa ni kennamu. Bu’uuruma kanaan sirni barnootichaa gama tokkoon ‘theory’ fi leenji shaakalaa addaan bahee akka kennamu kan godhu yoo ta’u gama birootiin ammo hojilee seeraa bakka adda addaatti ni hira. Kanaafuu, abbootiin seera, abbootii alangaa fi abukaatotni tokkoon tokkoon isaanii jifaara

jifaaraan ogeessota idileedha. Kanas jechuun haala salphaa ta'een bifa hojii tokko irraa gara birootti jijjirramun kan hin danda'amne ta'uu isaa ni argisiisa.

Sirna 'Common Law' keessatti garuu eebbifamtootni seeraa dimshaashumatti ogeessota seeraati. Kunis abbaa seeraa, abbaa alangaa, ykn abukaatoo ta'uudhaan gosa hojii tokko irra gara hojii birootti ceehuudhaan hojjachuun kan danda'amu ta'uu isaati argisiisa.

Gabaabumatti gurmaawin, sirni kenniinsa murtii, barnootaa seeraa fi leenjii ogummaa mala kenniinsa murtii irratti dhiibbaa kallattii ta'e akka qabu hubatamu qaba.

Sababoota kanarraa kan ka'e malli barreessa murtii abbootii seeraa 'Common Law' fi Civil Law' garaagarummaa akka qabu ni mul'isa. Barreessii murtii 'Civil Law' walumaagalatti hima dheeraa tokkoon kan xumuramudha. *"Kan ta'ee argamuu isaatiif, Kana ta'uun isaa waan mirkanaa'eef' kkf..."* akkana jedhamee murtaa'ee jira. Sirni kunis manni murtichaa afuura seeraa irraa ka'uudhaan kallattiidhan firii dubbii hiikuu isaa argisiisudhaaf kan filatamedha. Kana waan ta'eefis, manni murtichaa falmiilee filannoo xiinxaluudhaan tokko kan birootiin madaalchisuudhaan murteessu isaa hin argisiisu. Tarreeffamni firii dubbiitis daran gabaabbatanii himaa muraasan ni ibsamu. Murtichi waliigalaa cuunfamuudhaan yeroo baay'ee kan fuula walakkaatti ykn fuula tokkotti dhumudha. Dhimma kanaan alatti murtichi haalleen darbanis ta'ee of-afootti dhufuun danda'an irratti yaada hin kennu.

Barreessii murtii abbaa seerummaa 'Common Law' gama biraatiin, tarreeffama firii dubbii keessa gadi fageenyaan ni gala. Bifa seenessuutiin/narration/ bal'inaan ni tarreessa. Mormiilee tokkoon tokkoon teechisuudhaan hunda isaaniitiifuu deebii ni laata. Yaada murtii filannoodhaan jiran ifatti teessisudhaan isaan keessayis tokko isaa ni ibsa. Dheerinni isaa akkuma baay'ina dhimmichaatiin gargar ta'us galmeelee murtii 'Civil Law' caalaa kan dheeratuudha. Murtiin abbaa seerichaatiin kennamu dhimmoota gara fuula duraatti dhiyaachuu dandayan irratti kan eeramu akka ta'e waan beekuuf ka'umsa mormii fi firii dubbii sirritti calaluudhaan ni argisiisa.

1.2. Qajeeltoowwan barreessa murtii

Akkuma armaan olitti tuqameetti murtii barreessuuf malli abbootiin seeraa fayyadaman gar gara. Mana murtii tokko keessattu dhaddachuuma tokko irratti malli fi bifitti muxannoon abbaan seeraa tokko murtii ittin dabarsu kan birootiin gargara. Kana waan ta'ef qajeeltoowwan barreessa murtii kaayuun rakkisaa akka ta'e hayyootin dhimmi ilaallatu ni ibsu.

Haa ta'u malee qajeeltoowwan barreessa murtii hayyootni dhimmi ilaallatu harka caala irratti waliigalan jiru. Qajeeltoowwan kana keessaa isaan muraasa akka itti aanu kanatti gabaabinaan ilaalluuf yaalla.

a. Murtiin qooqa ifa, salphaa, baratamee fi lallaaffaa ta'en barreeffamu qaba.

Akkuma seensa moojuulichaa keessatti tuquuf yaallametti manneen murtii hawaasa mana murtitiin ala jiru wajjin sararrii ittiin walqunamu keessaa tokko murtitiidhaani. Murtiin jalqaba oggeessota seeraa ykn falmitoota hundee godhachuun kan barreeffamudha. Haa ta'u malee dubbistooni murtii oggeessota seeraa fi garee falmitootaa qofa osoo hin taane ummata naanoo sanaa fi naannoo biraa ykn biyya biroo ta'u ni dandayuu. Kana waan ta'ef murtiin qaama murticha dubbiisuu tilmaama keessaa galchuun barreeffamu qaba. Jecha biraatiin abbaan seeraa yammuu murtii barreessu qaama murticha dubbisuu xiyyeeffannoo keessa galchudhaan murticha namiin kamiyyuu haala salphaadhaan akka dubbisu fi hubachuu dandayutti barreessuu qaba. Inni itti murta'es ta'e namootni biroo dhimma tokko irratti murtii kennamee maal akka ta'efi sababa maalitiin akka kenname ibsa dabalataa tokko malee murticha dubbisuun qofaan hubachu dandayu qabu. Kallattii kanaan murtiin rakkina qabu murtii kaayyoo isaa galmaan gaheedha jechuun hin dandayamu.

Kaayyoo murtii galmaan gahuuf qabxiin xiyyeeffannoon itti kennamu qabu tokko qooqa murtiin itti barreeffamu waan ta'ef qajeeltoowwan barreessa murtii keessaa tokko qooqa murtiin ittiin barreeffamu kan ilaallatudha. Akka qajeeltoo kanaatii afaan kammiyyu haa ta'u murtiin qooqa ifa fi salphaa (clear and simple) ta'en barreeffamu qaba. Jecha birootiin qooqinni murtiin itti barreeffamu kamiyyuu nama beekummsa seeraa qabufis ta'e kan birotiif hundumaf haala ifa fi

salphaa ta'en barreeffamu qaba. Jechoota ogummaa (technical words) ykn jechoota seeraa (legal jargons) hanga danda'ameen murtii keessaa hanbisun barbaachisaadha. Jechoota, akkanaa kanniif jechoota biroo bakka bu'u danda'an barbaadunif barbachisaadha. Jecha akka filannootti dhiyaatee kana mallattoo hammattu keessa tessisudhan dubbistootnnis ta'an manni murtii ol'iyyannoo dhagahu afurri murtichaa maal akka ta'e haala salpha ta'en akka hubatan ni gargara.

Ibsi soorkoo ykn sokkoo ykn jechi dacha gonkuma murtii keessatti argamuun irra hin jiratu. Akkasumas, jechoota yeroon fida (slang) fi jechoota qe'ee keessaa ykn duda tokko qofatti dubbataman itti fayyadamun iftooma murtichaa kan hir'isu ta'u isaa caalayyuu kabaja mana murtii (decorum) tuqu waan ta'ef jechootni akkaanaa kun murtii keessaa hanbisuun barbaachisaa akka ta'e qajeeltoon barreessa murtii ni gaafata.

Akkasumas, akka qajeeltoo barreessa murtiiti murtiin qooqa baratamee fi lallaaffaa (sober and temperate) ta'en barreeffamu qaba. Qooqinni murtiin ittin barreeffamu tokko haala nama aja'ibsiisun garee tokko ol'kaasudhaan kan biro ammo gadi xiqqeessuudhaan kan ibsu ta'u hin qabu. Abbaan seeraa yaada isaa yammuu ibsuus ta'e ibsa yammuu kennuu qooqa lallaaffaa ta'en fayyadamu qaba. Ibsi murtii keessa jiru abbaan seeraa tokko ejannoo dursudhaan waan qabate kan isa fakkeessisu ta'u hin qabu. Ibsi isa hundinu, abbaan seerichaa garee tokko kan deeggaru ta'u isaa kan argisisu osoo hin ta'in logiimaleessummaan ykn logiirraa bilisa ta'e dhimmicha kan ilaalee ta'u isaa kan argisisu ta'u qaba. Kanaafuu, al-loogummaan mana murtichaa shakkii keessa akka hin gallee qooqinni murtiin ittiin barreeffamuu qabxii xiyyeeffannaa itti kennamu qabu akka ta'e hubatamu qaba.

b. Murtiin gar-malee kan dheeratte ta'u hin qabu.

Dheerinni murtii tokko hanganaa fi hangas ta'u qaba jechuun kaayuun hin dandayamu. Murtiin fuula tokkoo dheeraa dha; kan fuula dhibba tokko ammo gabaabaadha jedhamu ni dandaya. Dheerinni murtii gosaa fi haala falmichaati irratti hundaa'a. Haa ta'u malee murtiin tokko gar-malee dheerachuu hin qabu. Murtiin dheeran yeroo hunda murtii gaarii miti. Murtiin gar-malee

dheeratee yeroo barreeffamus rakkisaadha/nuffisiisaadha; yeroo dubbifamus rakkisadha/nuffisiisaadha. "*A prolix judgment is atorture to write, and atorture to read"*jedhama.

Murtiin tokko gar-malee akka dheeratu sababota godhu dandayan baay'eedha. Kana keessaa tokko akkaataa fi daangaa firiiwwan dubbiitti. Maddi firiiwwan dubbiis himata/iyyata, deebii, falmii afaanii, ragaa barreeffamaa fi jecha shaayidoota ta'u ni dandaya. Haa ta'u malee murtii keessatti himatni/iyyatni, deebii, falmii afaanii fi jechii shaayidootaa akkuma jirutti gargalfamu hin qabu. Kana gochuun murtiin gar-malee akka dheerattu waan godhuuf qajeeltoon barreesa murtii kun murtii keessatti firiiwwan dubbii dhimmicha murteessuuf rogummaa qaban qofa sirritti filatamani barreeffamu qaba jedhu. Firiiwwan dubbii rogummaa qaban kanaas jechootaa fi hima gagabaabaan fayyadamun barreessuun barbaachisaadha.

Qabiyyeen murtii firiiwwan dubbii dhimmicha murtessuuf rogummaa qaban qofa akka hammatu gochuuf abbaan seeraa murtii barreessuu eegaluun duraa galmicha sirritti qorachuun himata/iyyataa, deebii, falmii afaanii, ragaa barreeffamaa fi jecha shaayidootaa keessaa firiiwwan dubbii dhimmicha murteessuuf rogummaa qabanii fi hin qabne addaan baafachuu qaba. Abbaan seeraa duraan dursee firiiwwan dubbii dhimmicha murteessuuf rogummaa qaban osoo addaan hin baafatni himata/iyyata; deebii; falmii afaani fi jecha shaayidootaa akkuma jirutti murtii keessatti gargalchu hin qabu.

Murtii keessatti himata/iyyata; deebii; falmii afaanii fi jecha shaayidootaa akkuma jirutti garagalchuun murtichi gar-malee akka dheeratuu fi murtichi dubbisuuf nuffisiisa akka ta'u waan godhuuf, murtiin kun murtiwwan badaa keessatti kan ramadamu waan ta'ef wanta maqasamu qabu dha.

Sababni biroo murtii keessatti jechoota barbaachisoo hin taane fayyadamudha. Murtiin tokko jechoota barbaachisoo hin taaneen guutamu hin qabu. Murtiin jechoota barbaachisoo hin taaneen guutame murtii murtiwwan badaa keessatti ramadamuudha.

Akkasumas, murtii keessatti yaadota ykn jecha shaayidoota irra deddebi'udhaan barreessuun murticha gar-malee akka dheeratuu sababoota godhan keessaa isa birooti. Murtii keessatti

yaadotni ykn jechootni irra deddebi'udhaan barreessuun, keessumattuu, jechi shaayidootaa, murticha gar-malee akka dheeratu fi dubbisuuf nuffisisaa gochuun irra darbee wanti inni fayyadu waan hin jirreef kun wanta maqasamu qabu akka ta'e qajeeltoon barreessa murtii ni gaafata.

Qajeeltoon barreessa murtii murtiin gar-malee dheerachu hin qabu jedhu kun murtiin bakka bu'a galmee ta'u hin qabu isa jedhuus akka dabalatu hubatamuu qaba. Kunis qabiyyeen murtii qabxiilee hammatamu qaban kan hammate ta'u qaba. Haa ta'u malee murtiin falmii bitaa fi mirgaa akkuma jirutti bifa garagalchaatiin kan hammatee ta'e bakka bu'a galmee ta'u hin qabu. Murtiin tokko firii dubbii gurguddo deemsa falmichaa gabaabbinaan of keessatti qabachu qaba. Kana boodas ijoowwan dubbii ka'an tarreessudhaan, seera waliin erga ilaallameen booda xiinxalli seera taasifamee; guudunfaa fi akkaataa murtichi itti raawwatamu kan ibsu ta'u qaba. Kutaan xiinxala firii dubbii fi seeraa hanga danda'ametti qaama murtii irra caalaa fudhachu qaba.

Murtiin falmii bitaa fi mirga bifa garagalchaan hammatee bakka bu'a galmee ta'e gabaasa firii dubbii gareen falmiitoota dhiyeessanidha malee murtii ijannoo mana murtii fi hiikkaa seeraa kan argisisudha jechuun hin dandayamu.

c. Murtiin ijoo dubbii irratti kan xiyyeefatee fi walqabataa ta'u qaba.

Murtiin gabaabbatee garuu, dhimmoota ka'an hundaa kan haaguugu ta'u qaba (precise and concise). Murtiin gabaabachun isaa gaaridha jedhamus ijoo dubbii fi falmii ka'aniif kan deebii hin laane ta'u hinqabu. Murtiin tokko ijoowwan dubbii ka'aniif xiinxala seeraa barbaachisoo ta'an; akkasumas firiiwwan dubbii ka'anii ragaalee dhihaatan wajjiin waliin bira qabuun ibsu qaba.

Akkasumas, yaadni murtii wal-duraa duubaa fi walitti hidhamiinsa (linkage and cohesion) qabaachu qabu. Manni murtii xumura irra gahuudhaaf sababootni inni kaase adeemsa walduraa duubaa qabaachu qabu. Murtiin mana murtii gamanaa fi gamas ijaajudhan qabxiilee asiif achitti

tuttuqudhaan xummura waliigalaa kan kaayu (sketchy judgment) ta'un irra hin jiraatu. Kun akka hin taaneef murtii keessatti qabxii ka'ee tokkoof battalumatti deebii itti laatamu qaba.

Wal-duraa duubummaan yaada murtii ammo qabxiilee firii dubbii fi seeraa ka'an murtii wajjin wal-simachiisuun yaadni hin barbaachisne akk hin kaane gargaara. Dabalataanis xumurichi bu'aa sababa qabu 'logical out-come' ta'uu isaa argisisa. Kun ammoo inni itti murtaa'ees ta'e inni murticha dubbisu manni murtii haala akkamiini fi maaliif xummura/ guudunfaa irraa gahu akka dandayee rakkina tokko malee akka hubatu gargaara.

Walumaagala murtiin tokko gabaabbatee barreeffamu qaba yammuu jennu ijoowwan dubbii fi falmilee ka'aniif abbaa seerummaa irratti kennamu qaban osoo bira hin darbini wal-duraa duubaan tartiba isaanii eegatee sirritti xiinxalu qaba jechuus akka dabalatu hubatamu qaba.

d. Murtiin jecha gabaabaatiin kan ibsamuu ta'u hin qabu.

Qajeeltoon kun murtiin jecha gabaabaatiin kan ibsamuu ta'u hin qabu jedha. Murtiin tokko inni itti murtaa'e maaliif irratti murtaa'u akka dandayee mirga beeku qabu haala dhugoomsuu dandayun barreeffamu qaba. Mirga kana dhugoomsuuf qajeelfamani barreessa murtii murtiin jecha gabaabaatiin kan ibsamuu ta'u hin qabu jedha. Murtiin jecha gabaabaatiin ibsamu (laconic judgment) murtii haalaan gabaabbatee garee irratti murtaa'e maaliif akka irratti murtaa'e kan ifatti himu hin dandeenyee jechu dha.

Murtiin haalaan gabaabbatee barreeffame tokko gareen irratti murta'e tokko maaliif akka irratti murta'e ifatti kan itti himu hin dandeenyee qofa osoo hin taane murtichi hanqina iftoomaa kan qabu waan ta'ef yeroo oliyyannoon irratti gaafatame, manni murtii oliyyannoo dhagahu dhimmicha mana murtii jalatti akka gadideebisu (remand) ykn manni murticha oliyyanna dhagahu falmii irra deebi'e akka dhagahu waan afeeruuf murtii isa murtiwwan badaa keessatti ramadamuudha.

e. Murtiin madaallii isaa kan eeggatee fi kan hin jallane ta'u qaba.

Murtiin tokko wanta kamiyyuu caalaa dhihaatina yaadatin fi ta'uumsa ijoo dubbitiin madaalli isaa kan eegatee ta'u qaba. Murtiin miraa fi fe'ii keessaa (sentiment and emotion) kan callaqisiisu ta'u hin qabu. Abbaan seeraa isa wanta gaarii jajjabessu wanta badaa ammo balaleeffatu ta'u hin qabu. Hojiin abbaa seeraa dhimma nama tokkof kan bira ykn dhuunfa fi mootumma jiddutti garaagarummaa osoo hin uumin haqa bulchudha. Kanaaf ammo abbaan seeraa firii dubbii ragaa dhihaatee wajjin ilaalludhaan bu'uura seeraatiin murtii kennuu isaa haala dhugoomsuu dandayuun barreessuu qaba malee kan midhameef gaddudhaan, kan balleessee ammo balaleeffachuudhan barreeffamu hin qabu. Kana malees, abbaan seeraa tokko ilaalcha dhunfaa inni dhaaba siyaasaa, ykn mootummaa ykn abbaa taayitaa mootummaa irratti qabu murtii keessatti callaqisiisuu hin qabu.

Akkasumas, murtiin kan hin jallanne (lopsidedness) ta'u qaba. Murtiin jallate(lopsided judgment) ijoowwan dubbii ka'an keessaa isa kaan ol'guddisudhaan isa kaanif ammo iddoo kennu dhi'isudhaan murtii kennamudha. Ijoowwan dubbii ka'an haala wal-qixee ta'en iddoon barbaachisaa ta'e kennameefii keessummeeffamu qaban. Seericha gar-tokkee falmii irratti hunda'udhaan kanuma irratti xiyyeeffanna kan godhu yoo ta'e gar-tokkeen hafe ammo xiyyeeffanna barbaachisa ta'e dhabu fi irranfatamu ni danda'u. Kana irra kan ka'e murtichi kan jallate ni ta'a.

f. Murtiin qabiyyeen isaa guutuu ta'u qaba.

Qabiyyeen murtii guutuu ta'u qaba. Akka haala falmichaati ijooowwan dubbii hundeeffaman hedduu ta'u ni dandayu. Yeroo kun ta'e argame abbaa seerichaa murtii barreessuu ijoowwan dubbii hundaa'awan hunda isaaniitif deebii itti kennu qaba. Murtii keessatti ijoon dubbii osoo deebii hin argatin hafe jiraachu hin qabu jechuu dha. Murtii keessatti ijoon dubbii osoo deebii hin argatin hafe jiraachuun isaa qabiyyee murticha hir'uu godha.

Ijoo dubbiif yammuu deebiin kennamu ammoo duuchumatti haala waliigala ta'en ta'u hin qabu. Kunis ijoon dubbichaa akkamitti deebii argachuu akka qabu ibsamuun irra jiraata jechuudha.

Kallattii kanaan dubbisaan akka guutu qaawwi dhiifamuuf jiraachu akka hin qabnee qajeelfamani barreessa murtii kun jala mura. Isuma kanaa cimsuun oggeessii seeraa Muhammad Bashir jedhaman:

> "*Judgment should be complete in itself and contain within its four coners the manadate of the court without extraneous references, and leaving open no matters of description or designation out of which contention may arise as to the meaning. It should not leave open any judicial question to be determined by others"* jechuun kaayu.

Walumaagala qabiyyeen murtii guutuu ta'u qaba yammuu jedhamu murtichi hiikkoof kan saaxilame ta'u hin qabu kan jedhu akka dabalatu isa Muhammad jedhan kanarraa hubachuun ni dandayama.

Akkuma beekamutti dhimma mana murtiiti dhihaate tokko irratti ragaalee fi falmileen adda addaa garee falmitootaani ni dhihaatu. Ragaaleen kunis kan abbaan seeraa itti amanu wajjin kan walitti bu'an ta'u ni dandayu. Akkasumas, falmileen dhihaatan kan abbaa seeraa tokkotti hin fakkanne ta'u ni dandayu. Yeroo kana ta'e dhimmootiin akkana yeroo murtiin kennamu cinatti dhiifamuun ykn irra darbamuun irra hin jiraatu. Murtii keessatti tokkoo tokkoon falmii ka'aniifi ragaa dhihaate ifatti ibsuun barbaachisaadha.

Yeroo tokko tokko himataan wanta isaaf hin mallee tokko yeroo gaafatu ykn himatamaan mormii tokko yeroo kaasuu baddaa irraa yammuu ilaallaman callisamani wanta kaafaman fakkaachu ni danda'u. Manni murtiis dhimma akkanaatiif gatii osoo hin kennin, falmiin ka'ef deebii osoo itti hin kenninni bira darbuu hin qabu. Murtiin tokko yammuu kennamu ragaan dhihaate tokko wanta abbaan seeraa itti amanun kan wal-falleessu ta'us ykn falmichi kan gatii hin qabne fakkaatuus murtii keessatti iddoon barbaachisa ta'e itti kenname xiinxalamu fi gatii dhabeessummaan ragichaa fi sababa falmiin sun gatii itti dhabe ifatti murtii keessatti ibsamu qaba. Kun ta'u dhabuun isaa qabiyyee murtii hir'u godha.

Walumaagala qabiyyeen murtii guutuu ta'u qaba yammuu jedhamu wantoota sadii of keessatti akka hammatu ibsa armaan olitti dhihaate irraa hubachuun ni dandayama. Inni duraa murtii keessatti ijoowwan dubbii deebii barbaadan hundii tokko tokkoon deebii argachuu qabu kan jedhudha. Inni lamaffaa murtichi hiikkoof kan saaxilame ta'u hin qabu kan jedhu yammuu ta'u inni dhumaa ammoo murtiin falmii hunda kan ibsu fi xiinxalu ta'u qaba kan jedhudha.

g. Murtii fi ibsi manni murtii ragaadhaan kan deegarame ta'u qaba.

Qajeeltoon barreessa murtii kun ragaadhaan akka deeggaramu kan gaafatu waan lama. Inni duraa murtii yammuu ta'u inni itti aanu ammoo ibsa mana murtiiti. Inni duraas murtiin ragaa galmeen walqabatee qofa irratti hundaa'ee kennamu qaba jedha. Ragaa galmeedhaan wal-qabateen ala ragaan kamiyyuu dhimmicha waliin walitti dhufiinsa qabaatuus murtiif bu'uura ta'u irra hin jiraatu. Dhimmi abbaan seeraa dhuunfatti beekus akka ragaatti lakkawwamudhaan bu'uura murtii ta'u hin qabu. Kanaafuu, murtiin tokko ragaa barreeffama ykn shaayidaa hin dhihaanne irratti bu'ureeffame barreeffamu akka hin qabnee fi beekumsi fi hubannoon dhuunfaa abbaa seerichaa ragaa ta'udhaan murtii keessatti eeramun akka hin qabnee qajeeltoon barreessa murtii jala muru.

Inni lamaffaan ibsi manni murticha waa'ee himataa, himatamaa ykn shaayidootaa, dhimmaa dalagame jedhamee irratti kennu bu'uura ragaa dhihaateetin kan beekame ykn kan mirkaneeffame ta'u qaba (remarks to be based on evidence). Fakkeenyaaf, nama daguudhaan nama ajjeesse *"the murderer"* jechuun ibsuun sirrii miti. Guduunfaan (conclusion) abbaan seeraa tokko irra gahee fi ibsi godhu himanaa dhiyaate ykn gaaffii abbaa seerummaa gaafatameen ykn balleessummaa murtaa'u deemuun ol bifa ta'een ibsamu hin qabu. Jecha biraatiin dhimmi abbaan seeraa tokko xummura irraa gahe tokko haala wanta ragaan argisisee alatti deemee mul'atun ibsamu hinqabu. Akkasumas, qaamni falmii keessa hinjirree ykn dhimmi falmii keessatti hin ka'in murtii keessatti caqasamu hin qabu.

h. Murtii keessatti sanadootni, barreeffamootni fi seerotni rogummaa qaban sirritti eeramu qabu.

Murtii kennuuf sanadootni fi barreeffamootni barbaachisoo ta'an adda addaa jiraachu ni dandayu. Murticha kennuuf sanadootni barbaachisoo ta'an yoo jiraatan sandootni mana hojii irraa mana murtiif dhihaatanii murtii keessatti eeraman, guyyaa itti barreeffaman fi lakkoofsa isaanii maqaa mana hojii sanadicha baasee dabalatee sirritti barreeffamu qaban.

Akkasumas, murtii tokko keessatti barreeffama tokko eeramun isaa barbaachisaa ta'e yeroo argame maqaan barreessaa barreeffamichi itti maxxanfame sirritti eeramu qaba. Duuchumatti "oggeessi seeraa tokko akka jedhetti" jechuun barreeffamu hin qabu.

Haaluma walfakkaatuun murtii keessatti seerotni barbaachisoo ta'ni fi rogummaa qaban sirritti erramu qabu. Seerotni garee falmitootiin ka'an gama isaanitiin nu fayyada jedhani kan abdatanidha. Garuu, gareen falmitoota seeraa gama isaaniitiin eerun isaanii, manni murtii seeroota eeraman irratti hunda'udhan murtii akka dabarsu kan taasisu miti.

Kanaafuu, manni murtii yeroo murtii kennu garee falmitootatin eeramus, dhabus seera kallattiidhaan dhimmichan wal-qabatu eerudhan murtii kennuun irra eeggama. Ijoowwan dubbiitif tumaalee barbaachisaa ta'an barbaduun dirqama mana murtii akka ta'e hubatamu qaba. Akkasumas, tumaaleen seeraa eeraman dhimmichaan kallattiidhaan walitti dhufiinsa kan qabaatan ta'uun irra jiraata.

Walumaagala qajeeltoowwan barreessa murtii keessaa isaan muraasni kan armaan olitti dhihaatan yammuu ta'an qajeeltoowwan kunis murtii gaarii ta'e tokko barreessuuf qofa osoo hin taane barreessa murtii tokko madaaluuf akka ulaagaa safartuutii kan gargaaran akka ta'e hubatamu qaba.

Qabxiilee Marii

1. Walitti dhufeenyii barreessa murtii fi qulqullina murtii akkamitti ibsama?
2. Qajeeltoowwan barreessa murtii isaan moojuullicha keessatti caqasamaniin ala kan biroo kaasuun itti mari'adha.
3. Yeroodhaa yerooti baay'ina galmeelee dabalaa deemu irraa kan ka'e rakkinni manneen murtii biyyootaa alaa baay'een dhimmoota isaaniifi dhihaatan irratti yeroo gabaabaa keessatti murtii qulqullina ykn bilichina qabu kennuudha. Rakkinni kunis rakkina manneen murtii biyya keenyaatii jechuun ni dandayama.
    a. Rakkina kana haala akkamiin hiikkuun dandayama jettani yaadduu? Ykn dhimmoota manneen murtiitti dhihaatan irratti haala akkamiin yeroo gabaabaa keessatti murtii qulqullina isaa eeggate kennuun dandayama? Humna abbootii seeraa dabaluun? Dandeettii/ogummaa murtii barreessu abbootii seeraa gabbisuun? Formiiwwan ykn boccawwan murtiin itti kennamu qopheessuun? Toftaa biroo fayyadamuun?
    b. Oggeessii seeraa tokko "*Increase in the quantity of the decided cases…can not be a substitute for the quality of judgments"* jedheera. Yaada kanarratti waliigalattu? Maaliif?
4. Murtii gaarii ta'e tokko kennuuf murtiin barreessuun duraa abbaa seeraa tokko irraa maaltu eegama jettu? Tokko tokkoon ibsa.
5. Qajeeltoowwan barreessa murtii hordofu dhabuun kaayyoo murtii galmaan gahu irratti dhiibbaan fidu jiraa? Ni jira kan jettan yoo ta'e dhiibbaan kun maal akka ta'efi haala akkamiin akka ibsamu qajeeltoowwan barreessa murtii tokko tokko isaanii wajjin wal bira qabuun ibsaa.
6. "Murtiin bakka bu'a galmee ta'u hin qabu" jechuun maal jechuu akka ta'e itti mari'achuun qajeeltoo barreessa murtii kana dhaqinneeffachuuf yaalaa.

7. Naamusni abbaa seerummaa fi barreessii murtii walitti dhufeenya qabu jettani yaadu? Deebiin keessan eyyee yoo ta’e walitti dhufeenyii isaanii maal akka ta’e fakkeenyaan deegaruun irratti mari’adha.

Kutaa II

Barreessa Murtii: Itoophiyaa

> *"Effectiveness of a judgment can be measured by the manner how best the judgment conveys what judge wants to communicate to its readers. The judgment should be self contained document from which it should appear what were the facts of the case and what was the controversy involved which has been decided by the court and in what manner. Structure of the judgment should be such that a reader while reading it without any difficulty understands the facts delineated and may be able know every reason and the way, in which it has been decided. It should be simple, brief and clear."*
>
> **Justice Mohammad Rafiq**

Seensa

Itoophiyaatii barreessii murtii seenaa yeroo dheeraa kan qabu ta’us bifa ammayyummaa kan qabate seerri deemmii falmii sivilii fi yakkaa amma hojirra jiran erga bahaan booda jedhama. Haa ta’u malee erga seerootni deemmii kun bahani kaasee hanga ammaatti sirni barreessa murtii sirritti raawwatamaa akka hin jirree murtiilee manneen murtii irraa hubachuun ni dandayama. Kanaaf sababootni baay’ee ta’aniis kana keessaa tokko seerootni deemmii amma hojira jiran kun tumaalee barreessii murtii ittiin qajeelfamu qabu guutummaan guututti hammachu dhabu isaanitiifi isaan hammatamani jiraniis rakkina kan qaban ta’u isaanitti.

Kanaafuu, dandeetti barreessa murtii abbootii seeraa cimsuuf qabiyyee fi raawwannaan tumaalee seerota deemmii barreessa murtii ilaalatan; akkasumas qabatamaatti barreessii murtii maal akka fakkaatuu fi kallattii kanaan rakkoowwan jiran maal akka ta'an xiinxalun barbaachisaadha. Kaayyoon kutaa kanaas kanuma.

Kutaan kun kutaa xixxiqaa sadii qaba. Kutaa xiqqaa tokkooffa keessatti seeroota deemmii keessatti gosota murtii abbaa seerummaa tumaman fi kanaan walqabatee rakkoowwan jiran ni sakatta'amu. Kutaa xiqqaa lamaffaa keessatti qabiyyee fi barreessii murtii ni xiinxaalama. Kutaa xiqqaa sadaffaa, isa dhumaa, keessatti ammo barreessa murtiin walqabatee rakkoowwan jiran sakatta'uf ni yaallama.

Leenjiifamtooni kutaa kana erga xumuran booda:

- Seera deemmii falmii sivilii fi yakkaa keessatti gosota murtii abbaa seerummaa tumaman ni hubatu.
- Barreessa murtii gama qajeelchuutiin tumaalee seeroota deemmii ni madaalu.
- Qabiyyee fi barreessa murtii siviilii fi yakkaa sirritti ni hubatu.
- Barreessa murtii siviilii fi yakkaan walqabatee rakkoowwan jiran addaan ni baafatu; yaada furmaataas ni burqisiisu.
- Qajeeltoowwan barreessa murtii hundee godhachudhaan barreessa murtiileen manneen murtii ni madaaluu.

2.1. Gosota murtii abbaa seerummaa seerota deemmii keessatti tumaman.

Seera deemmii falmii sivilii fi yakkaa keessatti gosoonni murtii abbaa seerummaa tumaman harka caala kan wal fakkaatan ta'us xiinxaluf akka tolu gosoota murtii abbaa seerummaa seera deemmii siviilii fi yakkaa keessatti tumaman qopha qophaa ilaalluuf yaalla. Dura isaan seera deemmii sivilii keessatti tumaman.

2.1.1. Seera deemmii sivilii keessatti

Seera deemmii falmii sivilii Itoophiyaa bara 1958 bahee keessatti gosoonni murtii abbaa seerummaa lakkofsaan afur ta'an jiru. Isaanis 'biyyin', ajaja (order), murtii (judgment) fi 'decree' dha. Haala dhimmootni sivilii ittiin guduunfaman irratti hundaa'uudhaan gosoota murtii abbaa seerummaa kana bakka lamatti qooduudhaan ilaalluun ni danda'ama. Inni duraa himanni siviilii tokko bu'uureffamee hanga xumuramutti falmii adeemsifamu keessatti mannii murtiichaa iyyannoowwan dhihaataniif irratti hundaa'udhaan abbaa seerummaa inni kennuu baasii gochuudhaaf kan mooggaafamu yammuu ta'u inni itti aanu ammoo moggaafama abbaa seerummaa himatni tokko erga bu'uureffame booda hanga ta'eenis ta'ee guutumaan guutuutti mirga himatamaa ykn himataa murteessuuf kan kennamuudha. Isa duraa keessatti 'biyyin' fi ajajni kan ramadaman yammuu ta'u murtii fi 'decree' ammo isa lammataatiin kan haguuggamaniidha. Isaan kanaas akka itti aanu kanaati ilaaluuf yaalla. Dura"biyyin".

a. "Biyyin"

Gostii murtii abbaa seerummaa s/d/f/s/ keessatti ibsame keessaa tokko isa afaan amaarriffaan "biyyin' jedhamudha. Haa ta'u malee maalummaan gosa murtii abbaa seerummaa kanaa seericha keessatti hin ibsamne. Hiikaan kennameefis hin jiru. Akkasumas, tumaalee adda addaa jalattis gosti murtii abbaa seerummaa kun yoom sirnaan akka hojii irra oolu wanti ibsame hinjiru.

S/d/f/s kew. 3 jalatti jechii 'biyyin' jedhu kan tuqame murtii jechuun maal jechuu akka ta'e himaa waraabbii afaan Amaariiffaa fi ajaja jechuun maal jechuu akka ta'e himaa waraabbii afaan Ingiliiffaa keessatti. Tumaa kun inni Amaariffaa murtii jechuun *"ፍርድ፡" ማለት፡ የተሰዛዘ ወይም የውሳኔ ወይም የብይን መሰረት፡ ሆኖ በፍርድ ቤት፡ የተሰጠ የፍርድ ቃል ማለት፡ ነው."* Kana gara Oromiffaatti yammuu jijjiru murtii jechuun 'bu'uura ajajaa, 'decree' ykn 'biyyin' ta'ee jecha murtii manni murtii kenname" jechuu dha. Waraabbii isa Ingliffaa seerichaa yammuu ilaallu akkana jedha: *"Judgment shall mean the statement given by a court of the grounds of decree or order".*

Ajaja(order) jechuun maal jechuu akka ta'e *"Order shall means the formal expression of any decision of a court which is not a decree."* As keessatti jechi 'biyyin' manni murtii abbaa

seerummaa itti ibsu waan jiru fakkaata. Kun ammo ajajni fi 'biyyin' akka wal-fakkatan taasiisa. Kanaafuu, seerichi jecha 'biyyin' jedhu "decision" isa jedhu saniif bakka buusuu waan barbaade fakkaata.

Haa ta'u malee, jechi 'biyyin' (decision) jedhu maal akka ta'ee fi murtiidhaan ykn 'decree' dhaan maaltu akka adda taasisu, akkasumas, jechi abbaa seerummaa yoom jecha 'biyyin' jedhuun baasii taasifamuu akka qabu seerichi wanta ibsu hin qabu.

Kanaafuu, 'biyyin'jechuun maal jechuu akka ta'e hubachuuf maddewwan biroo ilaalluun fayyida qaba. Black's Law Dictionary jechi 'decision' jedhu akka itti aanu kanatti hiika.

> "*Decision is a judicial or agency determination after consideration of the facts and the law; especially a ruling, order or judgment pronounced by a court when disposing of a case.*"

Akka hiikaa kanaatti 'decision' jechi jedhu murtii, ajaja ykn 'decree' fi murtilee qaamota bulchiinsaatiin kennaman ibsuuf kan gargaarudha. Akkasumas ibsitootni abbaa seerummaa hiikni seera deemmii falmii siviilii keessatti kennameef hundi isaanii fooyy'iinsa tokko malee akkuma jiranitti s/d/f/sivilii biyya Hindii irraa warraabbamanii kan fudhataman waan ta'ef 'biyyin' jechuun maal akka ta'e hubachuuf seera deemmii falmii siviilii biyya Hindii ilaaluun barbaachisaadha. Biyya Hinditti, seerichi "order', decree' fi judgment' abbaa seerummaa bu'aa adda addaa qabaniif akka oolan kan dirqisiisu yammuu ta'u seericha keessatti, 'biyyin' (decision) jedhamee kan beekamu akkuma barbaadametti kan itti fayyadaman fi abbaaa seerummaa kamiyyuu ibsuu kan dandayuudha.

Gabaabumatti 'decision' ykn "biyyin' jechi jedhu jecha seeraa (legal term) osoo hin taane jecha ummatni ajaja, 'decree' fi murtii ibsuuf itti fayyadamu akka ta'e maddewwan armaan oli irraa hubachuun ni dandayama.

b. Ajaja

Ajaja jechun ibsa 'murtii' mana murtii ta'ee 'decree' irraa adda ta'e akka ta'e seera sivilii kew. 3 jalatti hiikni itti kennameera. Haa ta'u malee seerichi ajajni 'decree' irraa adda ta'uu isaa haa ibsu malee garaagarummaan jiru maal irratti akka ta'e ykn ta'uu qabu gama ilaallun wanti dubbatu hin jiru. Kana irraa kan ka'es manneen murtii ajaja fi 'decree' wal-jijjiirudhaan yammuu itti fayyadamuu ni mul'atu.

Akkuma armaan olitti tuqameetti seera deemmii falmii siviilii keenyan hiikni jecha "ajaja" jedhuuf kenname jijjiirrama tokko malee akkuma jirutti seera biyya Hindii irraa kan fudhatamee dha. Seerichi biyya Hindiitiis 'order' fi decree' kan ittiin wal fakkaatan fi garaagar ta'an yammuu ibsu, inni 'decree' jedhamu yoomiyyuu taanan ol'iyyatni duraa irratti gaafatamuu kan danda'uu fi bu'uura seerri kun hayyameen, haala hayyamameen ol'iyyatni lammataa kan irratti gaafatamuu dandayu yoo ta'u, inni 'order' jedhamu garuu seerichi ol'iyyatni irratti ni gaafatama yoo jedhe malee ol'iyyatni duraa kan irratti hin gaafatamne ta'uu isaatiin gamatti ol'iyyatni lammataa gonkumaa kan irratti hin gaafatamnee dha.

Gaaragarummaan biroo, akka seerichi jedhutti, ammo 'decree' jedhamee kan waamamu, kan mana murtii tiin kennamu, manni murtiichaa dhimmicha qorachuudhan mirga bitaa fi mirgaa, mana murtiichaa gama ilaaluun, yeroo dhumaatiif kan ittiin murteessu dha. 'Decree' inni kunis kan duraa 'preliminary decree' ykn kan dhumaa 'final decree' ta'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf, Aaddee Boontun beenya abbaa warraa ishee akka kaffalamuuf kaampaanii tokko yammuu himattu, manni murtii duursudhaan haada warrummaa ishee irratti mormii ka'eef yeroo murteessu, kun 'preliminary decree' jedhama. Kanaan boodas manni murtichaa beenya kaffalamuufii qaba jedhee yeroo murteessu ammo "final decree'jedhma jechuudha.

Seera deemmii sivilii keessatti garuu, dhimmota akkanaa fi akkanaa irratti ol'iyyatni duraa ni gaafatama; kunneen biroo irratti ammo ol'iyyatni lammataa ni gaafatam wanti jedhamee ifatti lafa kaayamee hin jiru. Haala addaatiin wanti keewwata 466 jalatti ibsame, baasii fi kisaaraa ilaalchisee ajaja kenname irratti si'a tokko erga ol'iyyatameen booda murtiin ol'iyyannoo kana

irratti darbu isa dhumaati jedhame tumamee jira. Kana jechuunis, ajaja qixa kanaan kenname irratti ol'iyyatni kan gaafatamu si'a tokko qofa jechuu dha. Kan kannaarraa hafe, seera keenya keessatti dhimmootni erga ajajani irratti darbeen booda yeroo tokkoof qofa ol'iyyatni irratti gaafatamu fi yeroo lammataatiif garuu kan hin hayyamamne hin jiru.

Karaa biraatiin ajajoota bu'aa adda addaa qaban kennuun akka danda'amu seera deemmii siviilii irraa hubachun ni dandayama. Kunneen keessaa ajajootni bu'aa himata haquu qabaachuu isaatiin ol'iyyatni irratti dhiyaatu jiru. Fakkeenyaaf, bu'uura s/d/f/s/kew. 244 (2) tiin himatni tokko eerga dhihaate booda himatamaan himannichi kan yeroon irraa darbee dha jechuudhuun mormiin kaasee yoo fudhatama argatee ajajni kennamu isa dhumaa waan ta'eef ol'iyyatni irratti ni gaafatama. Karaa biraatiin garuu, mormiin kun kufaa yoo ta'e ajajni akkanaa ol'iyyatni kan irratti dhihaatu, dhimmichi mana murtiichaatiin yeroo dhumaatiif kan murtii argate yoo ta'e fi gareen mormicha kaase murtichaan moo'atamaa yoo argame qofa dha.

Akkasumas, ajaja bu'aa himatna haquu hin qabnee garuu ol'iyyatni irratti gaafatamus jira. Fakkeenyaaf, akkaataa s/d/f/s/kew. 166 tiin qabeenyii harka garee tokko bahee gara birootti akka darbu ajajni taasisu yeroo kenname, bu'uura s/d/f/s/ kew. 320 (4) tiin, dhimmi falmichaa inni muummeen fala kan hin arganne ta'us, ykn manni murtichaa murtii mirgaa gareewwan falmitootaa miidhu kan hin kennines ta'us battalumatti ajaja darbe irratti ol'iyyachuun ni danda'ama.

Dabalataanis ajajni gonkumaa ol'iyyannoon irratti hin gaafatamne ykn ol'iyyannoof sababa hin taane jiru. Ajajootni gosa akkanaa jalatti kufan mirga himataa fi himatamaa kan hin mine ta'anii himatni banamee hanga murtaa'utti kan keennamnii dha. Fakkenyaaf, shaayidotni garee tokkoo guutamanii kan hin dhihaanne yoo ta'e himatni hin dhagahamu; ykn himataan komatus waamichi yeroo lammataaf himatamaa yaa dhaqqabu ajajni jedhu yoo darbe, ajaja kana irratti ol'iyyannoon hin dhiyaatu. Sababa ol'iyyannootis ta'uu hin danda'u.

c. Murtii fi 'decree'

Armaan olitti eeruf akka yaallametti murtii jechuun jecha abbaa seerummaa ajajaaf ykn ‘decree’ dhaf bu’uura ta’u jechuu dha. Bu’uura s/d/f/s/kew. 180-182 tiin manni murtii dhimma sivilii irratti murtii erga kennee booda ykn manni murtii himata dhihate irratti yaada kennuudhaan himataman itti gaafatama ta’u isa erga ibseen booda jechi murtii kun akkamitti raawwatamuu akka qabu kan agarsiisu s/d/f/s/kew.183 jalatti bu’uura tumameen qaama murtii “decree” jedhame kennamuudha.

Murtiin jecha ykn yaada mana murtii malee, ofii isaatiif isa raawwatamu waan hin taaneef murtiin erga kennameen booda “decree” jechuun kaayuun baay’ee barbaachisaadha. Murtichi akka raawwatamu manni murticha murtiin akkamitti raawwatamuu akka qabu ykn himatamaan maal kaffaluu akka qabu ‘decree’ ykn ajaja jalatti ifatti kaayuu qabu.

Ajajinni kun ajaja yeroo raawwatiinsa kennamu wajjiin kan wal fakkaatuu miti. Ajajinni yeroo rawwitinsaa kennamu murtiin bu’uura ajaja mana murtii murtii dabarseetin akka raawwatamuuf jecha yommuu gaafatame ajaja qabeenya ykn maallaqa murtiin abbaa idaa irratti kennamuudha. Ajajjiin yeroo murtiin kennamu “decree” garuu murtii keessatti himataman ittii gaafatamaadha yoo jedhame ajajichi:-

- Himatamaan mahaallaqa himannaan irratti dhihaate guutamaan guututti ykn gamiisaan kaffaluu akka qabu.
- Himatamaan idaa sana irratti dhala haa kaffalu yoo jedhame dhibbentaa meeqaniifi yoomirra eegalee akka kaffaluu qabu
- Idaan dhaabbata tokko herregamuu kan qabu galii isaa yoomii hanga yoomitti ta’uu akka qabu
- Himatamaan baasii kisaaraa haa kaffaluu kan jedhamu yoo ta’e himatamaan tarreeffama baasichi fuula duratti dhiheessu qaba kan jedhuu fi kkf of keessatti hammachuu qaba.

Adeemsa hojii manneen murtii keenya yammuu ilaallu kun seeran kan kaa'ame ta'uus hojimata baratame miti. Manneen murtii yeroo baay'ee yammuu murtii kennan murtii dhaaf 'decree" kana walimakuudhaan ni barreessu. Gochi akkanaatis rakkoon isaa kan mul'atu yeroo murtiin gara raawwititti galuu eenyu maal gochuu akka qabu fi itti gaafatamummaan isaa hangam akka ta'e murtii keessa adda baasun kan nama rakkisu waan ta'ee fidha. Yeroo raawwitis ergamani murticha kanadha, kana mitii jechudhan wal-dhabiinsi hikkaa murticha irratti ka'us wal-makiinsa murtii fi ajajaatinidha.

'Decree'dhaaf bu'uurri murtii dha. Kunis dhimma seeran tumamee dha. Murtii tokko keessatti ajajjiin akka murtichi ittiin raawwatamu ibsuu tokko yoo jiratee, kan raawwatamu ajaja waan ta'eef murticha eerudhaan ajajjicha komachuun hin danda'amu. Waan ta'eefu murtiin tokko yammuu kennamu akkamitti raawwatamuu akka qabu bifa "decree" tiin adda baasanii teechisuun gareen falmitootaa haala salphaa ta'een murtiin abbaa idaa enyuu akka ta'e fi hangi itti gaafatamummaa hangam akka ta'e addaan baasanii akka beekan ni dandeessisa. Akkasumas, manni murtii raawwachisuuf ifa waan ta'uuf afuura murticha hubachuudhaaf hin rakkatu; hiikaa mataa isaa kennuufidhaan murticha raawwachiisu irrayis ni hafa.

Walumaagalatti murtichi akka raawwatamu ykn gareen irratti murta'ee murtii keessatti itti gaafatamaa dha yoo jedhame dhuma irratti kutaan daangaa itti gaafatamummaa ibsu "decree" kophaatti barreeffamuun isaa yeroo raawatiinsa abbaa mirgaa naaf murtaa'ee jira, abbaan idaa ammoo ana irratti hin murtoofne falmiin jedhu akka hin kaane; mana murtii murticha raawwachiisisu hiikkan murtii akka-nadha jedhu irra kan hanbisu waan ta'eef adda baratamuu malu qofa osoo hin ta'in kan seeran haala dirqisiisuun tumamee dha.

2.1.2. Seera deemmii falmii yakkaa keessatti

Seera deemmii falmii yakkaa keessatti gosoonni murtii abbaa seerummaa lakkofsaan sadii ta'an jiru. Isaaniis ajaja, 'decision (**ውሳኔ**) fi 'murtii' dha. S/d/f/yakkaa gosotni murtii abbaa seerummaa kanaaf hiikkaan kennee hin jiru. Haa ta'u malee murtiin mana murtii (decision)

ajajaan, ‘decree’ fi murtiin akka ibsamu dandayan tumaalee s/d/f/y irraa hubachu ni dandayama. Murtiin mana murtii ajajaan itti ibsamu keessaa:

- Akkuma himannaan dhihaateen guyyaa himatichi itti dhagayamu bu’uura s/d/f/s/ kew. 123 fi 124 murteessuun bu’uura kew. 125 ajajaan ibsu.
- Mormii himannaa irratti ragaa dhiheessuun murtii kennuun yammuu barbaachisu murtiin ragaan ni barbaachisa itti jedhame ‘ajaja’ kennuun ibsama (Kew. 131(3))
- Himatamaan ragaa ittisaa osoo dhiheefachuun isa hin barbaachisin bilisaan gaggeeffamu kan qabu yammuu ta’e argamu murtiin (decision) mana murtii ‘ajajaan’ ibsama (Kew. 141)
- Murtii sirrii ta’e kennuuf ykn dhimmicha tursuu osoo hintaane firii dubbiif barbaachisaadha jedhame ragaan dabalataa dhihaate akka dhagayamu manni murtii yammuu murteessuu kun ‘ajajaan’ ibsamu (Kew.143)
- Himatamaan qabamee akka dhihaatuuf ykn dhimmicha bakka himatamaan hin jireetti akka ilaalamu murtiin (decision) kennamu ajajan ibsama (Kew. 125, 161)
- Murtiin balleessaa fi adabaa erga kenname booda raawwatinsii isaa kan ibsamu ajajaani. Bu’uuruma kanaan hidhaan, adabbiin du’aa, adabbiin mahaallaqaa waa’e qabeenyaa kkf… murtiin kennamu raawwiin bifa ajajaan kan ibsamaniidha. (Kew.203 fi itti aanaa)
- Mormii himannaa irratti dhihaatu fudhachuuf ykn kufaa gochuu murtiin (decision) kennamu ajajaan ibsamu (Kew. 131(2)
- Ragaan tokko dhihaachu qaba, hin qabu gaaffiin shaayidaaf dhihaate sirridhaa miti jechuun falmiin abbaa alangaa fi himatamaa jiddu kan ka’e yoo ta’e manni murtichaa dhimmicha irratti yaadni qabu ajajaan ibsama (Kew. 146, 98) kkf.. akka fakkeenyaatii caqasuun ni dandayama.

Murtiin (decision) mana murtii mata duree “**ውሳኔ**“jedhun itti ibsamu keessaa:

- Himatamaan himannaan erga dubbifameef booda yakkicha raawwachu isaa guutumaan gutuutti kan amanee yoo ta'e "murtiin" balleessummaa "**ውሳኔ** " ibsama. Murtiin kun erga falmiin dhagayame booda adabbiin yammuu murtaa'u murtiin (**ፍርድ**) ibsama (Kew 134, 135(2) 149(5)),

- Murtii (judgment) keessatti adabbiin barreeffamu mataa isaa dandayee "**ውሳኔ**"mata duree jedhu jalatti barreeffama (Kew 149 (5) , 177).

Falmiin xumurame murtiin himatamaan ittiin adabamu ykn bilisaan murtiin itti gadilakkifamu murtiin/**ፍርድ**/judgment/ kan ibsamu akka ta'e s/d/f/y/kew.149 jalatti tumameera.

Akkuma armaan olitti tuquuf yaallametti s/d/f/yakkaa biyya keenyaa murtii jechuun maal jechuu akka ta'e hin ibsuu. Haaluma walfakkaatuun seerootni deemmii falmii yakkaa biyyoota ala tokko tokkoos murtiin maal jechuu akka ta'e hiikkaa hin kennan. Fakkeenyaaf, seera deemmii biyya Paakisitaan caqasuun ni dandayama. Seera deemmii falmii biyya Paaksitaan murtiif hiikka kennuu baatuus murtiin jechuun maal jechuu akka ta'e murtilee manneen murtii adda addaa keessatti hiikni itti kennameera. Fakkeenyaaf, *Surya Rao V. Sathihiraju* keessatti *"…in criminal cases a final order in a trial terminating either in a conviction or acquittal of the accused"* jechuun hiikameera. S/d/f/y/kew. 149 hundee godhachuun murtii yakkaaf hiika walfakkaatu kennuun hin dandayamuu?

<u>Qabxiilee Marii</u>

1. Gostii murtii abbaa seerummaa "biyyin" jedhu kun afaan Oromotiin maal jedhama? Galmeelee manneen murtii irraa akka hubachuun dandayamutti abbootiin seeraa tokko tokko moggaaffama 'Jala-murtii' akkasumas 'Hayyuu' jedhuun murtii abbaa seerummaa ni kennuu. Ibsitootni abbaa seerummaa kun gosota murtii abbaa seerummaa isa kam ilaallatu? Yoom hojirra oolu qabu?

2. Moggaafamni manneen murtii abbaa seerummaa ittiin kennan wal-fakkaatummaa (similarity), bifa tokkummaa (uniformity) fi dhaabbummaa (consistency) akka

qabaatan gochuun fayyidaa qaba jettu? Kallattii kanaan barreessii murtii abbaa seerummaa biyya keenyaa madaalaa.

3. Manni murtii ajajoota bu'aa adda addaa qaban kennuu akka dandayu seera deemmii siviilii irraa hubachun ni dandayama. Qabiyyeen ajajaa qabxiilee akkamii hammachu qaba jettu? Fakkeenyaaf, bu'uura s/d/f/s/kew.91 fi 41 iyyannaa dhihaatu irratti ajajinni manni murtii kennuu qabxiilee akkamii hammachu qaba jettu? Kallattii kanaan seerichii maal jedha? Muxannoon jiruu hoo maal fakkaataa? Barreessii ajajoota manneen murtii irraa dhuftanii maal akka fakkaatu qajeeltoowwan barreessa murtii irratti hundaa'wun madaalaa. Kallattii kanaan rakkinni jiraa? Ni jira kan jettan yoo ta'e rakkinni kun maal akka ta'e furmaata isaa waliin ibsaa.

4. Moggaafamni jecha"decree" jedhu ingiliiffaanis ta'e amaariffaan hiikoo qaba. Qooqa Oromiffaatiin hoo maal jedhamu qaba jettu? Kutaan murtii kun kan barreeffamu murtiitti aanee waan ta'eef yeroo baayy'ee mata duree ajaja jedhu jalatti yammuu barreeffamu ni mul'ata. Barreessa murtii biyya Hindiitis 'Decree' jechuun hafee 'Order' kan jedhu tti ni fayyadama. Nuttii hoo isa kam yoo fayyadamanee gaariidha jettani yaadu? Biyya keenyaatti murtii abbaa seerummaa ajaja ykn 'decree' jechuun addaan baasani ibsuun bu'aa isaa irratti jijjirramni fidu jiraa? Murtii keessatti akka murtichi itti raawwatamu 'decree' ibsu kophaati barreessun hammam hojirra oolaa jira? Rakkini kallattii kanaan jiru maali? Kutaa murtii 'decree' ykn ajaja jedhame barreeffamu keessatti qabxiileen barreeffamu qaban ibsaa.

5. Galmeelee yakkaa manneen murtii keenyaa irraa akka hubachuun dandayamutti abbootiin seeraa tokko tokko murtii abbaa seerummaa jecha "biyyin' jedhuun ni kennuu. Kun hundee seeraa qaba jettu? Maaliif? Ibsitoota murtii abbaa seerummaa ilaalchisee s/d/f/y/ amma hojirra jiru akkamitti madaaltu?

2.2. Qabiyyee fi barreessa murtii

Gosa dhimmichaa irratti hundaa'un murtii mana murtii murtii siviilii fi yakkaa jechuun addaan qooduun ni dandayama. Akkasumas, sadarkaa murticha itti kenname irratti hundaa'un murtii sadarkaa duraa fi ol'iyyannoo/ijibbaataan jechuun addaan qooduun ni dandayama. Qabiyyee fi barreessii gosoota murtii kanaas garaagarummaa qabu.

Haa ta'u malee murtiin hundinu amala walii waan qabaniif qabiyyeen murtii tokko qabxiilee hammachu qabu akka jiru fi barreessii murtiis barreessa qabxiilee kanaa kan ilaallatu akka ta'e kutaa darbee keessatti tuquuf yaallameera. Akkasumas, murtii gaarii ta'e tokko barreessuuf qajeeltoowwan abbootiin seeraa ittiin qajeelfamu qaban akka jiran ibsameera.

Kutaa xiqqaa kana jalatti seerota deemmii, qajeeltoowwan barreessa murtii fi muuxannoo jiru hundee godhachudhaan qabiyyee fi barreessa murtii siviilii fi yakkaa sadarkaa duraa, akkasumas oliyyannoo/ijibbaataa xiinxaluf ni yaallama. Dura qabiyyee fi barreessa murtii siviilii sadarkaa duraa.

2.2.1. Qabiyyee fi barreessa murtii siviilii sadarkaa duraa

Qabiyyee fi barreessa murtii sivilii sadarkaa duraa hubachuuf duraan dursee sirna kenniinsa murtii gabaabinaan ilaalluun barbaachisaadha. Haaluma kanaan murtii siviilii kamifiyyu bu'uurri himata ykn iyyata garee falmataan tokko dhiyeessuudha. Dhihaatiin himatichaa ykn iyyatichi ka'umsa falmichati jechuudha. Himatichi ykn iyyatichi erga dhihaate booda sirni kenniinsa murtii maal akka fakkaatu seera deemmii falmii sivilii keessatti tumameera. Sirni kenniinsa murtii kunis akkuma gosa sirnichaatti garaagarummaa akka qabu tumaalee seera deemmii falmii sivilii irraa hubachuun ni dandayama. Fakkeenyaaf, sirni kenniinsi murtii himata/iyyata sirna idilee fi ariitiin dhihaatu tokko miti.

Himatni/iyyatni tokko sirna idileen kan dhihaate ykn kan ilaalamu yoo ta'e himata/iyyata dhiyaate irratti gareen mormu yoo jiratee waammame deebii akka irratti kennu ni taasifama.

Gareen mirga qaba jedhu (claimant) mirga isa jalaa miidhame ykn dirqama himatamaa ifatti bifa firii dubbiitin iyyaticha isaa keessatti tarressun isaa irra eegama.

Manni murtiitis himataman himata dhiyaate kan haalee yoo ta'e sababa amanuu dhabeef gabaabbinan fi ifatti erga dhiyeessen booda bita fi mirgi qabxiin irratti walii hin gallee tokko tokkon adda baasee ijoo dubbii falmichaa ni qabata. Ijoowwan dubbii qabaman kan firii dubbii ilaalatan (issue of fact) yoo ta'an ragaan ni dhagayama. Ijoowwan dubbii qabaman ijoo dubbii seeraa (issue of law) yoo ta'an ragaa dhagahun osoo hin barbachisini manni murtii murtii ni kenna. Murtiinis akka haala isaatti falmiin dhagahame erga xummurame booda hoggaasuma ykn beellama gabaabaa manni murtichaa qabutti kennamu qaba (Kew.180).

Manni murtii firii dubbii himanno/iyyata, deebii, falmii afaani fi ragaa keessatti eeraman gabaabsudhan erga techiseen booda qabxii wal-falmisiisa ta'e ykn ijoo dubbii hundeessuudhan ragaa qixa kanan dhihatan erga dhagaheen booda tumalee seeraa waliin ilaaluudhan xiinxala murtii ni ka'a. Mirgaa fi dirqama gareewwan falmitootaa qabanis haala ifa ta'en ni teechisa. Ijoowwaan dubbii kan firii dubbiitis ta'e kan seeraa ykn kan lamaanituu hundaa'an tokko tokkoo isaani irratti xiinxala mirga gonfachisanifi fi dirqama gatan ni teesisa.

Kana boodas himatamaan itti gaafatama ta'e yoo argame, "decree" murtichi akka raawwatamu taasisu ni barreessu. Dhuma irratti bu'uura s/d/f/kew. 181 (1) tiin abbootiin seeraa murticha kennan hundi mallattoo isaani ni kaa'u. Murtiin kenname sagalee caalmatiin yoo ta'e ammo murticha sagalee caalmatiin kennamun isaa murticha irratti erga ibsameen booda abbaan seeraa yaadan adda ba'e yaada isaa abbootii seeraa kaanin gar-gar baasee san barreeffame murtichan wal-qabatu barreessudhan mallattoo isa itti ni mallattessa. Kun hundinu erga ta'en booda murtiin kenname guyyaa beellamaa dhaddacha ifa irratti ni dubbiifama.

Akkaataa kanaan haalli addaa akkuma jirutti ta'e sirni kenniinsa murtii sadarkaa duraa himatni/iyyatni tokko erga dhihaatee kaasee hanga murtiin kennamutti adeemsa jiru kan haaguguu yammuu ta'u qabiyyeen murtii sivilii sadarkaa qabxiilee akkamii hammachuu akka qabu sirna kenniinsa murtii kanarraa hubachuun ni dandayama.

Biyyootni baay'en qabiyyeen murtii qabxiilee akkamii hammachuu akka qabu seerota deemmii isaanii keessatti tokko tokkoon ifaan kaayu. Fakkeenyaaf, seera deemmii biyya Hindii fi Paakistaan caqasuun ni dandayama. Qabxiileen kunis ulaagaalee seeraa (legal requirements) barreeffamni murtii tokko dirqama guutuu qabuudha. Kana waan ta'ef abbootiin seeraa biyya Hindii fi Paakistaan murtiileen isaan kennan bu'uura seerichi ajajuun qabxiilee hammatamu qaban hammachuu isaanii dirqama mirkaneeffachu qabu jechuudha.

Gaaffiin biyya keenyaatti ulaagaaleen seeraa barreeffamni murtii tokko guutuu qabu jiru? kan jedhuu dha. Seerota deemmii sakatta'un gaaffii kanaaf deebii laachuun ni dandayama. Haaluma kanaan qabiyyeen murtiin sivilii sadarkaa duraa (murtii ol'iyyannoo dabalatee) qabxiilee akkamii hammachu akka qabu seerichaan tumameera (Kew.182 fi 183). Akka tumaalee seeraa kanaatti qabiyyeen murtii sivilii sadarkaa duraa wal-duraa duubaan:

- Firii dubbii
- Ijoo dubbii
- Xiinxala
- Guduunfaa
- 'Decree' hammachu qaba.

Kun dhimma seeraan tumamee jiruudha. Kana waan ta'ef akkuma biyyoota birooti biyya keenyattis barreeffamni murtii tokko ulaagaalee seeraa guutuu qabu jiru. Kallattii kanaan seerri deemmii sivilii hanqina tokko tokko kan qabu ta'us barreeffamni murtii sivilii tokko ulaagaaleen seeraa akkamii guutuu akka qabu inni seera deemmii sivilii kew.182 fi 183 jalatti tumamee kun murtii tokko keessatti qabxiilee hammatamu qaban ilaalchisee isa hayyootni dhimmi ilaallatu harka caala irratti waliigalan wajjiin kan walsimuudha. Dabalataaniis qabiyyeen murtii tokko seensa hammachuu akka qabu barreessitooni ibsan jiru. Barreessa qabxiilee kanaas, seensa dabalate, akka itti aanu kanatti ilaalluuf yaalla. Dura seensa.

a. Seensa

Seensi murtii (introduction/opening of the judgment) mata duree 'murtii' jedhu jalatti jalqaba kan barreeffamuudha. Seensi carraa jalqabaa miira dubbisootaa itti harkifamudha. Nama murticha dubbisuuf dhimmichi maal akka ta'e gabaabumatti fi ifatti sadarkaa itti himamudha. Seensi dansaan maalummaa dhimmichaa seenneessudhaan (like story) falmitootaa fi abukaattoo isaanii ykn dubbistootaa kan himuudha. Seensi murtii maal hammachu akka qabu oggeessii seeraa tokko:

> *"A judgment should begin with brief introduction of the case history, such as what is its nature; whether Civil or Criminal etc. what is its stage, whether trial of a criminal case or an orignal suit, appeal or revision and if trial whether regular or summary. If it is not orignal jurisdiction, it should indicate as to how and when it reached the stage of appeal or revision"* jechuudhaan haala gaariin ibsaniiru.

Seensii murtii kutaa murtii seenaa dhimmichaa (amala dhimmichaa) fi dhimmicha irratti aangoo manni murtichaa qabu (kan jalqabaa ykn ol'iyyannoo) ta'u isaa kan itti ibsamu akka ta'e ibsa kanarraa hubachuun ni dandayama. Dabalataanis seensa murtii keessatti gaaffii seerummaa manni murtichaa mirkaneessuu qabu fi ijoo dubbii ibsamuu akka qaban oggeessooni ibsan jiru.

Haa ta'u malee akkuma armaan olitti tuqameetti qabiyyeen murtii seensa hammachuu qaba isa jedhu irratti hayyoota dhimmii ilaalatu jiddu waliigalteen hin jiru. Hayyootni tokko tokko qabiyyeen murtii seensa hammachuu qabaa yammuu jedhan hayyootni biroo ammoo qabiyyeen murtii dirqama seensa hammachu hin qabu jedhu. Akka hayyoota kanaatti seensa murtii barreessuun yeroo hunda barbaachisaa akka hin taane fi murtii tokko firii dubbii barreessuun eeggaluun ni dandayama. Yammuu barbaachisaa ta'e argame ammo seensii murtii himaa tokko ykn lama caalu akka hin qabu jedhu. Kunis seensii murtii gar-malee dheerachu hin qabu jechuudha.

Seensa murtii wajjin walqabatee qabxiin ilaalamu qabu kan biroo jalqaba murtiiti (beginning of judgment). Seensa dura murtiin tokko jalqaba qabaachu akka qabu seerota deemmii biyyoota baay'e keessatti dhimma tumamedha. Jalqabni murtii maal hammachu akka qabu fi faayyidaan isaa maal akka ta'e oggeessi seeraa tokko:

> *"A judgment, at the top of it, should always contain the name of the court, title and number of the case which is being decided and also the name and designation of the judge concerned. This is necessary so that it is known as to judgment pertains to which matter and has been decided by which court and judge. It should also contain the date of the delivery of judgment"* jechuun ibseera.

Mata duree 'murtii' jedhu barreessun dura jalqaba isaa irratti maqaa mana murtii, iddoo fi guyyaa dhaddachi itti oolee, maqaa abbaa seeraa, maqaa falmitootaa, lakkoffsa galmee barreeffamu akka qabu ibsa kanarraa hubachuun ni dandayama.

<u>Qabxiilee Marii</u>

1. S/d/f/s/kew. 183 jalatti bu'uura tumameen "decree" tokko irratti lakkofsii galmee, maqaan himataa fi himatamaa fi qabxiileen barbaachisoo ta'an akkana akka barreeffaman kan tumame yoo ta'u murtiin tokko garu qabxiilee akkaana hunda qabachu qaba jedhe wanti lafa kaayu hin jiru. Tumaa kana akkamitti madaaltu? Murtiin tokko yammmu barreeffamu maqaa mana murtii, lakkoffasa galmee, dhaddacha, maqaa abbootii seeraa murticha kennaan, maqaa gareewwan falmitootaa fi guyyaa murtichi itti kenname akka hammatu gochun barbaachisaadha jettu? Maaliif? Muxannoon jiru maal fakkaata?

2. Bu'uura s/d/f/s/ qabiyyee murtii sivilii sadarkaa duraa seensa akka hammatu gochuun ykn barreessuun dirqamaa? Muxannoon jiru hoo maal fakkaata?

3. Manneen murtii tokko tokko murtii (**ፍርድ**) isa jedhu barreessuun dura "**ወሳኔ**"jechuun himatni himatamaa kufaa ta'u ykn himatamaa irratti murtiin itti gaafatamummaa kennamu isaa/ol'iyyata yoo ta'e murtiin jalaa cimu ykn diigamu isaa ykn fooyya'uu isaa ibsuun jalqabu. Fakkeenyaaf, murtii manneen murtii fedeeraalaa caqasuun ni dandayama. Malli barreessa murtii kun gaariidha jettu? Maaliif?

b. Firii dubbii

Akkuma armaan olitti tuqameetti seensa murtiiti aanee kan barreeffamu firii dubbiiti. Firii dubbii kunis wanta dalagame, gocha raawwatame ykn ta'ee muudate (incident taken place) ta'uu ni danda'a. Firiin dubbii wanta qabatamaan jiru fi miira namaatiin hubatamuu (perceived) danda'uu dha. Kanaaf, firiin dubbii yammuu jennu falmiilee seeraa kan hin ta'in ragaa garee falmitootaan mirkannaa'u ykn diigamu kan dandayan ykn dhimma ykn wanta ragaadhaan hubachiisuun dandayamu akka ta'e hubatamu qaba.

Maddii firii dubbiis himata/iyyata, deebii, falmii afaanii fi ragaa barreeffamaa fi jecha shaayidootaa ta'u akka dandayuu fi murtiin firiiwwan dubbii dhimmicha murteessuuf barbaachisoo ta'an qofa hammachu akka qabu kutaa darbee keessatti ibsameera. Firiiwwan dubbii dhimmicha murteessuuf barbaachisaa hin taane murtii keessatti barreeffamu hin qaban jechuudha.

Kana waan ta'ef abbaan seeraa murtii barreessuun dura himata/iyyata, deebii himatamaa, falmii afaanii gaggeeffamee fi ragaalee bitaa fi mirgaa sirritti qorachuun firiiwwan dubbii dhimmicha murteessuuf rogummaa qabanii fi hin qabne addaan baasuu qaba. Kanaan booda firiiwwan dubbii dhimmicha murteessuuf rogummaa qaban filuun gabaabinaan murtii keessatti galmeessuu qaba. Yeroo caqasuun barbaachisaa ta'e yoo argame firiiwwan dubbii barbaachisoo ta'an kun bu'uura yerootiin dabaree dabareen walduraa duubaan barreeffamu qabu.

Barreessa firii dubbiin walqabatee qabxiin xiyyeeffanaan itti kennamu qabu qabiyyee firrii dubbiitti. Murtii keessatti firiiwwan dubbii qabiyyee isaanii otoo hin jijjirin haaluma iyyata/himata/deebii/ falmii falmitootaatiin bifa seenessuutiin barreeffamuu qabu. Asirratti abbaan seeraa aangoo firii dubbii hiikuu akka hin qabne hubatamu qaba. Seera hiikuuf aangoon kennameef firii dubbii 'galmeessuu' qofa godhame fudhatamu qaba. Gabaabummatti abbaan seeraa firiiwwan dubbii rogummaa qaban filee yammuu galmeessuu qabiyyeen firiiwwan dubbii irratti jijjiramini akka hin jiraanee of eeggannoo ol'aanaa gochuu qaba. Akkasumas, abbaan seeraa firiiwwan dubbiif amanamoo ta'u qaba.

Akkaataa kanaan firiiwwan dubbii rogummaa qaban filuun gabaabinaan galmeessun beekumsaa seeraa qofa osoo hin taane muxannoo gayaa ta'e barbaada. Firii dubbii barbaachisoo ta'an filachuun guuduunfaa irra gahuunis hojii of eggannoo barbaaduudha. Guduunfaa irra gahuuf ka'umsi ragaadha. Guduunfaan firii dubbii mataa isaa hiikkoo kan hin qabne waan ta'ef guduunfaan firii dubbii gama guduunfaa seeraati jijjiramu qaba. Bifa kanaan yoo ilalluu firiin dubbii ijoo dubbii falmichaatiif furmaataas kan kennuu akka ta'e hubatamu qaba.

Karaa biyya keenyaatti yammuu deebinu sirna seeraa biyyii teenya hordoftu irraa kan ka'e akka sirna 'Common Law' tii manneen murtiiti dhimmooni dhihaachuun dura firii dubbii irratti qaamni murtii kennu hin jiru. Kana waan ta'ef abbootiin seeraa mana murtii sadarkaa duraa iyyannoowwan, ragaalee fi falmiiwwan afaanii dirqama dhagayuu fi qoratuu qofa osoo hin taane murtii isaanii keessattii firiiwwan dubbii dirqama barreessu qabu. Kunis s/d/f/kew.182(1) jalatti *"Provided that a judgment given in first instance shall… contain a concise statement of the case…"* jechuun haala ifa ta'en tumameeraa. Qabiyyeen murtii sivilii sadarkaa duraa firii dubbii hammachuu qofa osoo hin taane murtii keessatti firii dubbii haala akkamiin barreeffamu akka qabu tumaa seeraa kanarraa hubachuun ni dandayama. Akka tumaa kanaatti murtii keessatti firiiwwan dubbii gabaabinaan barreeffamuu qabu. Tumaan seeraa kunis tumaa diriqisiisaa akka ta'e hubatamu qaba.

c. **Ijoo dubbii**

Firiiwwan dubbiiti aanee qabxiin murtii keessatti barreeffamuu qabu ijoo dubbiiti. Ijoo dubbii jechuun qabxii falmitoonni irratti walii hin galaniifi murtii mana murtii kan gaafatuudha. Jecha biraatiin ijoo dubbi qabaachuu kan qabnu gaaffii bu'uuraa (material proposition) garee falmii tokkoon dhiyaate garee kaniin yoo waakkatameedha. Gaaffiin bu'uura kun gaaffii firii dubbii ykn seeraa ta'uu ni danda'a. Gaaffiin tokko kan bu'uuraati kan jedhamus, himataan mirga himachuu isaa agarsiisuuf dirqama gaaffii dhiyeessuu qabuu fi himatamaan ofirraa ittisuuf qabxii dirqama deebisaa keessatti caqasuu qabuu dha. Ijoon dubbii kun ijoo dubbii firii dubbii ykn ijoo dubbii seeraa ykn immoo lameenuu ta'uu ni dandayu.

Deebiin ijoo dubbiitiif kennamu eenyu itti gafatamummaa akka qabu murteessuuf waan gargaaruuf ijoo dubbii yammuu qabamu garee (falmitoota keessaa) dirqamni hubachiisuu ykn dhugoomsuu (burden of proof) irratti kufu haala ibsuun ta'uu qaba. Deebisaan ijoo dubbii bu'aa seeraa ni qaba jechuudha.

Kanaafi murtii barreessuuf dura ijoo dubbii maal akka ta'e addaan bahuu qaba. Abbaan seeraa dhimma harkaa qabu irratti ijoon dubbii qabamuu qabu maal akka ta'e fi ijoon dubbichaas haala akkamiin ibsamuu (kaayamu) akka qabu osoo hin beekini ykn addaan hin baafatini murtii barreesuuf jalqabu hin qabu. Ijoo dubbiichaa osoo addaan hin baafatini abbaan seeraa murtii barreessuu eegaluu nama "farda luggaama hin qabne yaabate" dha.

Ijoon dubbii bifa gaaffitiin ykn wanti tokko ta'u isaa/ta'u dhabu; jiraachu/jiraachu dhabuun fi kkf.. himaa jedhuun kaayuun ni dandayu. Yammuu kana ijoon deebii barbaadu kan seeraa fi firii dubbii ta'e guduunfaan gaaffii seeraa bu'aa yeroo kan ilaallatu ta'a.

Ijoowwan dubbii hundu falmii dhihaate wajjiin firooma qabaachuu isaanii; gareewwan falmii ijoo qabxii irratti wal-dhaban ifatti kan argisiisu, akkasumas bitaa fi mirgi akka hubatan haala salphaa ta'en hundeessun barbaachisaa dha. Gareewwan falmitootaa ijoo dubbii hundeeffame

hubachuun isaanii ragaa akkamii dhiheessu akka qaban waan gargaaruuf qabxii xiyyeeffannoon itti kennamu qabuudha.

Ijoon firii dubbii haala yeroon, iddoon fi wantoota gama ilaalluun qooqa ifa ta'en hundaa'u qabu. Ijoon dubbii seeraatiis bifuma wal- fakkaatun ogummaa seeraa jiddugaleessa godhachudhaan qooqa ifa ta'en hundayutu irra jiraata. Hayyuun seeraa *Robert A. Sedler* jedhamu kitaaba isaa *"Ethiopian Civil Procedure"* jedhu keessatti ijoo firii dubbii fi seeraa hundeessuu ilaalchisee:

> *"Issues of fact should be framed in a language which is precise, accurate, and specific in respect of time, place, persons, things and circumstances, whenever material. Similarly issues of law should be framed in a language which is accurate, technical, and precise so that the issue may be capable of being understood and answered without further explanation,"* jechuun sirritti ibseera.

Ijoon dubbii gagabaaboo fi dhiphoo yoo ta'an filatama. Ijoowwan dubbii gar-malee kan dhedheratan ta'u hin qaban. Gaaffiileen himataan dhiyeessu baay'ina yoo qabatan fi himatamaan tokkon tokkon isaa kan waakkatte yoo ta'e manni murtii akkuma ulfina fi bal'ina dhimmichaatiin ijoowwan dubbii sadarkaa sadarkaadhan tarreessudhaan hundeessu qaba. Ijoowwan dubbii himata akkana irratti hundayan bifa waliigalaatiin (in general terms) ta'u hin qaban. Kunis qabxiilee falmii keessatti ka'an tokkon tokkon isaanii ifatti ibsuuf gargaara.

S/d/f/s/ keessatti qabiyyeen murtii sivilii sadarkaa duraa ijoo dubbii hammachuu akka qabu qofa osoo hin taane ijoo dubbii sadarkaa kamittii fi haala akkamiin hundaa'u akka qabu tumameera. Falmiin erga xummurame booda murtii barreeffamu keessatti ijoo dubbii bu'aa qabeessa ta'en barreessuun akka dandayamu sirni murteessaa ta'e fi bira darbamu hin qabne jira. Sirni kunis sirna dhagaya himatnaa duraa s/d/f/kew. 241 jalatti tumameedha. Manni murtichaa bu'uura s/d/f/s/ kewwata 241 himanni yeroo duraatiif yammu dhagahamu dhimmoota ifa hintaane (firii dubbii) kan amanaman ykn kan waakkataman calalee baasudhaan kan qulqulla'uu malanis akka qulqulla'an ajajudhaan dhuma irratti ijoo dubbii ifa ta'e hundeessu qaba. Akkasumas, ijoowwan

dubbii xiqqeessuudhaafi dhiiphisudhaaf manni murtii qorannoo akkaataa tuma s/d/f/s/kew. 241 tiin taasifamu irra darbu hin qabu. Bifa kanaan kamitu qabxii falmii bu'aa seeraa qabu akka ta'e fi eenyu dirqama amansiisuu akka qabu calala'anii baasun ni dandayama.

Qabiyyeen murtii sivilii sadarkaa duraas ijoo dubbii hammachu akka qabu s/d/f/kew.182(1) jalatti "*The judgment shall contain the points for determination*…." jechuun tumameera. Tumaan kunis tumaa diriqisiisaa waan ta'ef murtii siviilii sadarkaa duraa keessatti ijoon dubbii maal akka ta'e karaa ifa ta'en barreeffamu qaba. Kun dirqama abbaa seeraa seeraan irratti gatameedha.

d. Xiinxala

> "*It is not a sufficient reasoning just to use the phrase: "having seen all facts and the law the court decides……." In judicial proceedings, there can not be arbitrary orders. A judge can not merely say "suit dismissed" or "suit decereed." The whole process of reasoning has to be set out for deciding the case one way or the other*".

Murtii keessatti ijoon dubbii erga ibsame booda hojiin itti aanu ijoo dubbiitiif deebii kenuudha. Seera barreeffama murtii keessatti iddoo adda (separate section) kennuufiin barbaachisaa akka hin taane barreessitooni baay'en ni ibsu. Seerri kutaa xiinxalaa keessatti yammuu ijoo dubbiitiif deebiin kennamu waliin kan ilaalamu ta'a jedhu. Seera yammuu jennu keewwata seericha akkuma jirutti barreessuu otoo hin ta'in yaada seerichaa dhimmicha waliin deemu qofa filannee akka gaaleeti (parapharse) hundeessuudhaan dhimmichaan walisimsiisuu qabna.

Kutaan xiinxalaa kun gareen kamiiyyuu yoo moo'ate ol'aantummaa seeraa bu'uurefatee akka ta'e agarsiisa. Kutaan kun murtii keessatti kutaa sababootni murtii (reasons) itti ibsamanii dha. Kutaa kanaan ala murtii yaaduun hin dandayamu. Murtiin "himatni himataa fudhatama hin qabu", ykn 'falmiin himatamaadhaa fudhatama hin qabu'' jechuun kennamu hin qabu. Murtii keessatti himatni himataa ykn falmiin himatamaan maaliif fudhatama akka dhabee ibsamuu qaba. Sababni murtiis manni murtichaa ijannoon bitaa fi mirgaa sirritti ilaaluu isaa kan amansiisu ta'u qaba. Sababni murtii firiiwwan dubbii garee tokko irraa dhihaatan isa garee kaaniin dhihaatan caala maaliif murtichaaf barbaachisaa akka ta'ani fi isaan kaan ammo maaliif barbaachisaa akka hin ta'in kan mul'isu ta'u

qaba. Dabalataaniis sababni murtii raawwatamummaa tumaalee seera dhimmichaaf rogummaa qaban kan mul'isu ta'u qaba.

Murtii sababaan deeggaruun barreessuun faayidaa adda addaa qaba. Kana keessaa tokko faayidaa ummataaf qabu dha. Iftooma diriirsuu fi amantaa ummataa horachuuf abbootiin seeraa murtii isaanii sirritti ibsuuf dirqama qabu. Ummatni waan manni murtii hojjataa jiruu fi dhimmi tokko maaliif akkasiiti akka murta'ee beekuuf mirga qaba. Mirga kana dhugoomsuuf ammo murtiin mana murtii sababaan kan deeggarame ta'uu qaba.

Inni lammaffaan namni (gareen) itti murtaa'e maaliif ykn sababa itti murtaa'e irraa shakkii qabaachuu hin qabu. Gareen falmii hariiroo hawaasaatiin beenyaan ykn maallaqaa akka kaffalu itti murtaa'ees mirga sababa murtichaa beekuu qaba. Kanaaf jecha abbootiin seeraa murtii sababaan deeggaruun barreessuuf isa moo'ameef dirqama qabu.

Sadaffaan ammoo dirqama mirga ol'iyyannoo bu'aa qabeessa gochuuti. Manni murtii ol'iyyannoo dhagayu seeraa fi firii dubbii manni murtii jalaa bu'uurefatte akka qoratu taasisuuf murtiin haala ifa ta'een sababaan deeggaramee barreefamuu qaba. Kanaaf ammo manni murtii jalaa murtii yammuu barreessu firii dubbii (facts) sirnaan bittineessee ibsu qaba. Kana yoo hin ta'in mirgi ol'iyyannoo falmitootaa bu'a qabeessa hin ta'u. Sababni murtichaa otoo hin ibsamin ykn ifa yoo hin ta'in gareen irratti murtaa'e, murtichatti amanee fudhachuu ykn komatee ol'iyyannoo fudhachuuf baay'ee kan rakkisuudha.

Afraffaa adeemsii sababa murtii barreessuu murticha murtii gaarii akka ta'u godha. Himatni himataadha ykn falmiin himatamaa kufaa ta'uu ykn fudhatama qabaachu isaa ibsuun salphaadha. Maaliif akka kufaa ta'e ykn fudhatama argatee murtii keessatti ibsuun ykn sababa gayaa ta'e kaayuun ammoo salphaa miti. Sababa kaayuun ammo yaaduu gaafata. Barreessuun ammoo yaaduudha (Writing is thinking). Gabaabumatti abbaa seeraa irratti dirqama murtii sababaan deeggaruun barreessuu gatamuun isaa abbaan seerichaa duraan dursee dhimmicha sirritti qorachuun yaada ifaa fi qajeeloo ta'e akka qabaatu godha. Haala kanaan murtii barreessuun dura iftoomni yaadaa (clearity of thought) jiraachuun murtii dansaa kennuuf murteessaa akka ta'e hubachuun nama hin rakkisu.

Karaa biraatiin sababa yammuu kenninu, hangam jechuutu nurra jiraata? gaaffiin jedhu ka'uun isaa hin oolu. (How much we should say in giving reasons). Kun akkaataa ykn gosa dhimmichaa fi ijoo dubbichaas irratti hunda'uun kan murtaa'uu dha. Dhimmichi ulfaataa fi walxaxaa yoo ta'e ykn qabxiin seeraa (ijoon seeraa) ulfaataa ykn falmisiisa ta'e yoo jiraate ykn ragaan walfaallessu ykn shaayidni murteessaa ta'e qabxii murteessaa ta'e irratti jecha ragummaa walfaallessu yoo kenne sababani kennamu heddu ykn bal'aa ta'u ni dandaya.

Karaa biraatiin garuu, sababni murtii falmii galmeerratti adeemsifamaa ture irraa akka salphatti kan hubatamu yoo ta'e; moo'aa fi moo'amaan sirritti ifa yoo ta'e ykn seerri dhimmichi ilaallatu ifa (clear) yoo ta'e, ykn ragaan murteessaan falmisiisaa yoo hin ta'in sababa heddu ykn bal'a ta'e barreessuun barbaachisaa miti.

Qabiyyee murtii sivilii sadarkaa duraa xiinxalaa hammachu akka qabu s/d/f/s/kew.182(1) jalatti *"The judgment shall contain…. the decision thereon and the reasons for such decision"* jechuun ifatti tumameera. Abbootiin seeraa biyya keenyaas murtii sababaan deeggaruun dirqama barreessuu akka qaban tumaa kanarraa hubachuun ni dandayama.

Murtii keessatti sababootni murtichaa ibsamu akka qabanii fi kunis ulaagaalee seeraa qabiyyeen murtii tokko guutuu qabu akka ta'e konnveeshini mirga namoomaa addunyaa keessattiis dhimma xiyyeeffanaan itti kennameedha. Fakkeenyaaf, Konveeshinii Mirga Sivilii fi Siiyaasaa Addunyaa (ICCPR) kew.14 caqasuun ni dandayama.

e. Guduunfaa

Xiixaalatti aanee kan dhufuu guduunfaa dha ykn murtii (decision) mana murtichaati. Guduunfaan bu'aa xiinxala firii dubbii fi seeraatii. Gaaffii seeraatiin guduunfaan irra gayamu guduunfaa firii dubbii hundee kan godhatedha. Guduunfaan firii dubbii irra gayamu bilisummaa abbaa seerummaa hunde kan godhatee osoo hin taane ragaa dhihaate hundee kan godhatee akka ta'e hubatamu qaba. Guduunfaan jecha "Kanaafuu" fi jechoota kkf jalqabuu qaba malee jechoota"Haa ta'u malee" "Kanaas ta'e kaan"fi kkf… kan of duuba deebi'u ta'u hin qabu.

Qabiyyee murtii sivilii sadarkaa duraa qabxiilee hammachu qabu keessaa tokko guduunfaa akka ta'e s/d/f/kew.182(1) jalatti *"The judgment shall contain…. the decision thereon…."*jechuun is tumameera hubachuun ni dandayama.

f. **"Decree**"

Seera deemmii falmii siviilii biyya keenyaa keessatti kutaan murtii afaan Ingiliffaan 'decree' jedhame moggaaffame kana barreessitooni tokko tokko afaan Ingiliffaan *execution oder/operative part/decretal part of judgment* jechuun ibsu. Kutaan murtii kun maal akka ta'e fi haala akkamiin barreeffamu akka qabu barreeffama tokko keessatti:

> *"This part of judgment formulates the decision the judge has made. It informs the parties exactly about what the court orders them to do and how the decision shall be executed. The given order must be enforceable, this means it has to be very precise, naming exactly the parties, their duties, the deadlines, the amounts of money, the interst rates to be paid, etc. It must be clear for the enforcing court or the enforcement agents without any futher discussion what the obligations the parties have to fulfill according to the decision. Any vague formulation of an execution order could cause the parties to start a new dispute about the execution and the contents of the decision"j*echuun haala guutummaa qabuun ibsameera.

Kutaan murtii kun garee falmitootaa irraa maal akka barbaadamu fi maal raawwachuu akka qaban; murtichi haala akkamiin raawwatamu akka qabu; falmitoota keessaa eenyu raawwachu akka qabu fi yeroo itti raawwatamu qabu ittiin ibsamu akka ta'e barreeffama kanarraa hubachuun ni dandayama.

Kutaan murtii kunis hanga dandayameetii gabaabatee akka raawwiif mijaayutti barreeffamuu qaba. Akkasumas, ifa ta'ee garee hundinuu waan isaan argachuu qaban/argachuu hin qabne kallattiidhaan kan ibsu ta'u qaba.

Hundeen ‘decree’ murtii akka ta’e fi qabiyyeen murtii sivilii sadarkaa duraa ‘decree’ hammachu akka qabu seerichaan tumameera (Kew.183).

Qabxiilee Marii

1. Qabiyyee murtii siviilii sadarkaa duraa keessattii qabxiilee hammatamu qaban ilaalachisee tumaalee s/d/f/s/ akkamitti madaaltu?
2. Manni murtii Feedeeraalaa gaaffii ragaan dhaaltummaa kenname haqamu qaba moo hin qabuu gaaffii jedhuun walqabatee galmee tokko keessatti*”…namni bifa kamiinu (dhaamoodhaan ykn dhaamoo malee) dhaaltuu ta'ee dhaaltuu ta'uu isaa kan agarsiisu ragaan dhaaltummaa akka kennamuuf gaaffii dhiheessuu hundee godhachuudhaan ragaa kennuu jechuun akka s/d/f/s/kew.3 "murtii" kennuu miti. Akka s/d/f/s/ dhimma sivilii irratti murtii kennuuf duraan dursee himatni dhihaachu qaba; erga himatni jiraatee ammoo himataa fi himatamaan gareen jedhaman akka jiraatan; kana jidduutti kan madaalamu mirgaa fi dirqama himataa fi himatamaa akka ta'ee; adeemsa kana keessatti falmiin bitaa fi mirgaa fi ragaan ni dhagayama. Kanaafuu, bu'uura s/s/kew/996 ragaa dhaaltummaa kennamee akka ragaa sanadaa ykn barreeffamaa tokkooti kan ilaallamu dha”* jechuun murtii kenneera. Murtii kana akkamitti madaaltu? Dhimmoota sirna ariitii ilaallamu qaban irratti “murtiin’’kennamu murtiidha moo? Miti? Murtiidha kan jedhamu yoo ta’e murtii dhimma siviilii sirna idilee fi ariitiin kennamu qabiyyeen isaanii garaagarummaa qaba? Qaba kan jettan yoo ta’e garaagarummaa isaanii ibsaa.
3. Qabiyyeen murtii sivilii sadarkaa duraa qabxiilee akkamii hammachu akka qabu haala dirqisiisaa ta’en seera deemmii falmii siviilii keessatti tumameera. Akka tumaan seerichaa ajajutti murtiin hin barreeffamnee bu’aan isaa maali? Fakkeenyyaf, biyyoota tokko tokko keessatti murtiin tokko sababaan kan hin deeggaramne yoo ta’e manni murtii ol’iyyannoo dhagayu kannuma qofa sababa gochuun murticha diiguu ni dandaya. Fakkeenyaaf, Kaanaadaa caqasun ni

dandayama. Biyya keenyatti hoo manni murtii ol'iyyannoo dhagahuu murtiin jalaa sababaan hin deeggaramne jechuun qofa diiguu ni dandayaa? Murtii sababaan deegaruu dhabuun abbaa seeraa irratti itti gaafatamummaa hordofsiisu dandaya?

4. Manni murtii falmiin akkuma xumurameen hoggaasuma ykn bellama gabaabaattii murtiin barreeffame erga mallatta'e booda dhaddacha ifa ta'en kennuu akka qabu seera biyya keenyaaf fi seeroota biyyoota biroo keessatti dhimma tumameedha. Kun murtii gaarii barreessuuf faayidaan qabu akkamitti ibsama? Gama kanaan "*murtii gara mana galmeetiin dhagayaa''* jechuun muxannoon jiru akkamitti ilaalama? Murtii hin mallattaayiin bu'aan seeraa qabaa? Kallattii kanaan rakkinni jiru maali?

2.2.2. Qabiyyee fi barreessa murtii yakkaa sadarkaa duraa

S/d/f/yakkaa keessatti hiikni murtiif kennamee hin jiru. Haa ta'u malee s/d/f/s/kew. 136-149 keessatti akka tumametti sirni ragaan ittiin dhihaatu fi akkataa murtiin ittiin kennamu tumameera.

Murtii yakkaaf ka'umsi abbaan alangaatiin ykn miidhamaa dhuunfaatiin himata bu'uurefamudha. Harka caalaa garuu, himatni yakkaa abbaa alangaatiin bu'uureffama. Haaluma kanaan himannaan yakkaa tokko yammuu bu'uureffamu abbaa alangaa dhimmoota s/d/f/yakkaa kew. 111 jalatti tarreeffameen guutamu isaanii erga mirkaneesseen booda himannicha mana murtiif ni dhiyeessa.

Himatamaan gocha ittiin himatame yoo waakkate abbaan alangaa ragaa isaa akka dhageessifatu ni ajajama. Ragaan abbaa alangaa dhiheessee himatamaa irratti yoo mirkaneesse, himataan akka ofirraa ittisu ni ajajama. Himatamaan ragaa ittisaa yoo hin dhiyeefane ykn ragaan inni dhiyeesse himatamichi gocha ittiin himatame sana raawwachuu dhabuu isaa kan hin argisiisne ykn amanamummaa ragaa abbaa alangaa shakkii keessa kan hin galchine yoo ta'e, balleessaa

jedhamuu dhaan irratti ni murtaa'a. Itti aansudhaanis adabbiini badii raawwateen wal-madaaluu irratti ni murtaa'a.

Bu'uuruma kanaan qabiyyee murtii yakkaa sadarkaa duraa keessatti qabxiileen hammatamu qaban:

- Guyyaa murtichi itti kennamee;
- Ibsa ragaa gabaabinaan(summary of the evidence);
- Sababa ragaan dhihaate fudhatama itti argatee (reasons for accepting);
- Sababa ragaan dhihaate fudhatama itti dhabee(reasons for rejecting);
- Kewwata seeraa murtichi hundee godhatee;
- Kewwata balleessaa itti jedhamee (yoo himatamaan balleessaadha jedhamee);
- Adabbii salphisuu fi cimsuuf yaadoota kennamani fi kanuma mirkaneessuuf ragaa dhihaatee;
- Himatamaan balleessaa ta'ee yoo argamuu baate bilisa ta'u isaatii fi mana hidhaatii (yoo achi ture) akka bahu ajaja jedhu;
- Mirgii ol'iyyannoo jiraachu isaa fi
- Mallattoo abbaa seerichaa akka ta'an s/d/f/y/kew.149 irraa hubachuun ni dandayama.

<u>Qabxiilee Marii</u>

1. Qabiyyee murtii yakkaa sadarkaa duraa keessatti qabxiilee hammatamu qaban isaanuma s/d/f/y/kew. 149 jalatti ibsaman qofa? Kan biroo hin jirani? Murtii yakkaa sadarkaa duraa keessatti maqaa mana murtiichaa; eenyummaa himatamaa; iddoo fi yeroo yakkichi itti raawwatamee; kewwata seeraa darbee ykn cabsee; himatamaan haala /amanee/ falmu

isaa; himatamaan mormiin dhiheessee yoo jiraatee murtiichii jiraachu isaa gabaabinaan; dhimmoota falmiin irratti gaggeeffame (fakkeenyaa, umurii, fayyaa…) yoo jiraatan falmii isaanii fi murticha dimshaashaan akka ibsamaa jiru muxannoo jiru irraa ni hubatama. Muxannoon kun hundee seeraa qaba? Kallattii kanaan s/d/f/y/akkamitti madaaltu?

2. Qabiyyee murtii sivilii sadarkaa duraa fi murtii yakkaa sadarkaa duraa garaagarummaa qabu? Hin qabu kan jedhamu yoo ta'e s/d/f/kew/149 jalatti qabxiilee ibsaman firii dubbii, ijoo dubbii, xiinxala, guduunfaa fi 'decree' jechuun addaan baasuun kaayaa. Murtii yakkaa keessatti qabxiileen kun haala akkamiin barreeffamuu qabu? Keessaahuu, barreessa firii dubbiin walqabatee murtii keessatti "ibsii raga gabaabinaan"akkamitti barreeffamuu qaba? Barreessii murtii yakkaa akka waliigalatti ykn barreessii qabxiilee murtii yakkaa keessatti hammatamu qabani barreessa murtii sivilii sadarkaa duraa irraa addaan baatee qabaa? Kallattii kanaan seerichi maal jedha? Muxannoon jiru hoo maal fakkaata?

3. Dhimma yakkaa irratti murtiin haala afaaniin itti kennuun dandayamu jiraa? Qabiyyee murtii yakkaa sirna idileen kennamuu fi sirna addaatiin kennamu jiddu garaagarummaan jiraa? Ni jira kan jettan yoo ta'e tumaa seeraa caqasun ibsaa.

4. Murtii yakkaa sababaan deeggaruun barreessuun kaayyoo seera yakkaa wajjiin walqabatee faayida qabu ibsaa.

2.2.3. Qabiyyee fi barreessa murtii ol'iyyannoo/ijibbaataa

Hojiin muummeen manneen murtii sadarkaa ol'aanaa irratti argamani dhimmoota sadarkaa jalatti ilaalaman ol'iyyannoon ilaaluudha. Manni murtii ol'iyyannoo dhagahu dhimma tokko yammuu ol'iyyannoon ilaalluu mata durummaan hojii keessa deebi'utti kan raawwatu. Kanaaf ammoo manni murtii ol'iyyannoo dhagahu yeroo baay'ee garagalchaa galmee mana murtii jalaa ni qorata.

Bu'uuruma kanaan manni murtii ol'iyyannoo dhagayu garaglcha galmee mana murtii ykn manneen murtii jalaa qorachuudhaan murtii jalaa seera muummee sirritti hiikuun, seera deemmii falmiilee hordofuun fi ragaa qixa sirriitti madaaluun murtii kennuu isaa/nii ni sakatta'u. Sana booda akkuma haala isaatti murtii mana murtii jalaa ni fooyyeessu, ni haqu (diiguu); irra deebi'amee ilaallamee akka murtaa'uu fi qulqullaa'ee akka deebi'uuf gochuuf aangoo ni qaba.

Dhaddachi ijibbaataas murtiin jalaa dogongora seeraa bu'uraa kan qabu ta'u isaa yoo hubatee murtii jalaa ni diiga ykn ni fooyyeessa. Dogongora seeraa kan hin qabne yoo ta'e ammo ni cimsa.

Akkuma murtii sadarkaa duraatti qabiyyeen murtii ol'iyyannoo/ijibbaataa:

- Ijoo dubbii;
- Firii dubbii
- Xiinxala fi
- Guduunfaa/disposition/ akka hammatu tumaalee seerota deemmii irraa hubachuun ni dandayama.

Kanaafuu, barreessa murtii sadarkaa duraa ilaalchisee inni kanaan olitti jedhamee hundii barreessa murtii ol'iyyannoo/ijibbaataas kana ilaallatu waan ta'ef qabxiilee kana keessaa barreessa guduunfaa qofa gabaabinaan ilaalluf yaalla.

Ol'iyyata sivilii ilaalchisee manni murtii oliyyannoo dhagahu murtii ol'iyyannoon dhihaateef cimsu; fooyyeessuu; jijjiiruu ykn diiguu akka dandayu seerichaan tumameera (Kew.348(1)). Kana malees ijoon dubbii sirreeffamee ykn falmiin gaggeeffamee murtiin akka kennamu dhimmicha gama mana murtii jalatti gaddeebiisu ni dandaya (Kew.341 fi 343). Aangoon kunis manni murtii ol'iyyannoo dhagayuu ol'iyyaticha erga qoratee booda ijjannoo isaa kan itti ibsuufi guduunfuudha. Ol'iyyata yakkaa ilaachisees haalli kun maal akka fakkaatuu s/d/f/y/kew.195 irraa hubachuun ni dandayama.

Barreessa murtii ol'iyannoon/ijibbaataan walqabatee qabxiin ilaalamuu qabu ol'iyyannoon/ iyyannaan tokko kan hin dhiyeessisne ta'ee yoo argame ajajinni ol'iyyatni ykn iyyatni hin dhiyeessisuu jechuun kennamu kun haala akkamiin barreeffamu qaba kan jedhuudha. Fakkeenyaaf, manni murtii ol'iyyannoo dhagahu sababa ol'iyyaticha hin dhiyeessissu jedheef ibsuu qabaa? Qabxii kana ilaalchisee yaada lamatu jira. Inni tokko manni murticha sababa ol'iyyannichi dhiyessisu hin dandeenyeef tarreesse ibsu qaba kan jedhuudha. Kana yoo hin ta'in, ijjannoo mana murtii ol'iyyata dhagahuu sana beekun hin danda'amu. Abbaan dhimmichaatis dhimmichi isaa karaan ittiin mirkaneessu hin jiru. Waan ta'eefis sirna haqaa jiru irratti amantaa akka hin horanne ni taasisa. Akka yaada bu'uuraa namni ol'iyyatu tokko miidhameen jira jechuu isaa waan ta'eef manni murticha ol'iyyataan kan haqinni jala hin hir'atne ta'uu isaa bal'inaan ibsuudhaan amansiisuutu irraa eeggama. As irratti manni murtichaa ol'iyyaticha dhihaate tokkoon ykn ammo jalqaba eegalee hanga yeroo sanaatti seenaa galmee turee eeruun osoo hin barbaachisin ijoo dubbii fi komii ol'iyyataa waliin madaaludhaan ajaja barbaachisaa ta'ee bifa gabaabbateen teechisuun irra jira, ilaalchi jedhu ni jira. Kunis yeroo mana murtichi qusachuu irratti gumaacha mataa isaa ni qabaata.

Inni lammaffaan ammo manni murtii ol'iyyannoo dhagahuu ijoo dubbii, xiinxala seeraa fi murtii manni murtii jalaa kenne guutamaan guututti kan fudhatu yoo ta'e ol'iyyannichi hin dhiyeessisu jechuun qofti gahaa dha. Sirumaayyuu manni murtii tokko ol'iyyannoo tokko hin fuudhu jechuuf sababa bala'a ta'ee ibsuudhaan ykn tarreessudhaan yeroon jalaa fudhatamu dhimmoota biroo sirnaan yeroo kanatti fayyadamuudhan akka hin ilaalle ni taasisa. Kanaafuu, manni murtii tokko ol'iyyannoo kan hin fuune yoo ta'e fuudhuu dhabuu isaa ibsuudhaan galmee sana cufuun gahaa dha jechuudhaan gareen falmanis ni jiru.

Iyyannoowwan dhaddacha ijibbataaf dhihaatanis bifuma kana keessummeeffamu ni malu. Dhaddachii ijibbaataa dhimmi dogongora seeraa bu'uura qaba jedhamee dhihaateef tokko dogongora bu'uura seeraa ni qaba jechuun iyyannichi kan dhiyeessisu ta'u isaa ibsudhaaf ibsa bal'aa kennun kan irra hin eeggamine ta'un isaa dhimma nama falmisisuu miti.

Haa ta'u malee iyyannichi hin dhiyeessisu kan jedhamu yoo ta'e qabxiileen ka'an tokko tokkon isaan sababan deeggaramani ibsamu qaban moo? hin qabu? gaaffii jedhu irratti yaada lamatu jira. Inni tokkofan dhaddachi ijibbaataa iyyanni tokko dogongora bu'ura seeraa hin qabu yoo jedhe, firii dubbii otoo hin tarreessin gabaabumatti qabxiileen iyyataadhan dogongora bu'ura seeraa akka qaban ibsaman dogongora bu'ura seeraa kan hin qabneedha jechudhan cufamu qaba. Kana yoo hin ta'in garuu, abbaan dhimma qabxiilee dogongora bu'uraa seeraa ni qabu jedhee mana murtiiiif dhiheesse, dogongora bu'ura seera kan hin qabne ta'u isaa karan ittiin mirkaneeffatu hin jiru ilaalchi jedhu ni jira.

Inni lammaffaan ammo dhaddachi ijibbaataa, iyyannoowwan inni ilaallu manneen murtii nannicha hunda irraayyuu kan dhufan waan ta'eef, tokkon tokkon isaanitiif sababa dhihessisu hin dandeenyeef tarreessun humna nama hin jirreen walitti dabalame yommu ilaalamu hojiin dhaddachaa dhimmoota sadarka dhaddacha ijibbatattin dhihataan ilaallu dhiisudhan sababa iyyannowwan hin dhiyesisnee barreessu qofa irratti akka dangeeffamu ni taasisa jedhudha. Qixa haqatinis dhaddacha ijibbataa dhimma tokko hin fuudhu jechuudhan cufuu isaatin ykn dhimmicha yommu cufu sababa tarreessuu dhiisuun isaa haqa dhabeessaadha kan nama jechisisuu miti. Sirumaayyuu dhaddachi ijibbataa yeroo isaa dhimmoota hin ilaalle irratti qooda balleessu dhimmoota qoratu irratti yoo balleesse ni filatama. Hojimaatini akkanaa kun biyyoottan biroo keessattis sababa rakkina irra maddeen ittiin hojjatamaa waan jiruuf waanta balaleffamuu qabuu miti yaada jedhutu jira.

Karaa biraatiin manni murtii ol'iyyannoo dhagahuu murtii mana murtii jalaa yoo fooyyeessee ykn diigee fi gaddeebise ta'e kun raawwatamu isaa sababa gayaadhaan deeggaree mana murtii jalaaf ifa ta'ee darbuu qaba. Akkaatuma kanaan manni murtii ol'iyyannoos dhagayuu kutaa murtii kana keessatti murtii hogguu fooyyessu hangam akka hirrise ykn dabale ykn iddoo kam akka diige ifatti barreessuu qaba. Akkasumas galmee mana murtii jalatti yoo deebisu akkuma haala isaatti sababa itti gaddeebiseef maaltu mana murtii jalaa irraa akka eegamu salphaatti akka hubatamutti barreeffama murtichaa keessatti ifa taasisuu qaba.

Qabxiilee Marii

1. Barreessa ajaja ol'iyyannoon/iyyatni hin dhiheessiisu jechuun kennamu ilaalchisee ijannoowwan lamaan armaan olitti ibsaman keessaa isa kamitu dhama qabeessa ykn hundee seeraa qaba jettu? Maaliif? Kanumaan walqabatee ol'iyyata/iyyata hin dhiheessissu jechuun formiin cufuun kaayyoo fi galma sirna haqaa galmaan gahuu akka hin dandayamnee fi kun ta'u akka hin qabne oggeessotni seeraa ibsan jiru. Fakkeenyaaf, oggeessa seeraa kan ta'an Obbo Abbabaa Mulaatuu rakkoowwan bu'uuraa seera deemmii falmii Itoophiyaa mata duree jedhu irratti qo'anno dhiheessaniin"…. *formiidhaan ol'iyyannoon hin dhiheessiisu jechuun guutuun galmee cufuun kaayyoo fi galma sirna haqaa galmaan gahuu hin dandayu."….. Malaanmaltummaaf balballii akka hin banamnee abbootiin seeraas karaa malee itti gaafatamaa akka hin taane hojimaata iftooma qabu diriirsuutu barbaachisa malee ariitiif jedhamee hojimaata iftoomina hir'isu hordofamuu hin qabu. Sababni isaas, sababni isaa osoo hin beekamini ol'iyyannoon hin dhiheessisu jechuun foormii guutuun gama tokkoon abbootiin seeraa gadi lixanii dhimmicha akka hin qoranee jajjabeesa (incentive to be lazy). Gama biraatiin abbaa seeraa naamusaawwaa hin taane isaan naamusaawwa ta'an irraa akka addaan hin baanee haguuggii kenna. Kanaafuu, rakkina kuufama dhimmootaa fi himannaa fi murtiin gar-malee dheerachu isaanii fidan sirna bulchinsa galmee (file management system) fooyyeessuun; barreessitootaa fi abbootii seeraatiif leenjii kennuun dandeettii barreessa isaanii karaa ittin gabbifatan barbaaduun filannoo fooyya'aa ta'eedha."* Seera deemmii falmii sivilii fi yakkaa hundee godhachuun yaada kana madaalaa.
2. Qabiyyee murtii oliyyannoo/ijibbaataa keessatti qabxiileen hammatamu qaban walduraa dubbaan tartiiba akkamiin yoo barreeffaman gaariidha jettu? Barreessii qabxiilee kanaa barreessa murtii sadarkaa duraatiin kennamuun garaagarummaa qabaa? Fakkeenyaaf, barreessii firii dubbii?

2.3. **Barreessa murtiin walqabatee rakkoowwan jiran**

Kaayyoon kutaa xiqqaa kanaa qajeeltoowwan barreessa murtii fi muxannoo jiru hundee godhachuun barreessa murtiin walqabatee rakkoowwan jiran muraasa isaanii xiinxaluudha. Rakkoowwan kallattii kanaan jiraniis rakkoowwan barreessa firii dubbii; ijoo dubbii; xiinxalaa fi qabxiilee biroon walqabatan jennee akka itti aanu kanatii ilaalluuf yaalla. Dura barreessa firii dubbiin walqabatee.

2.3.1. Barreessa firii dubbiin walqabatee.

Qabiyyeen murtii siviiliis ta'e yakkaa firiiwwan dubbii hammachu akka qabuu fi firiiwwan dubbii kunis kan akkamii ta'u akka qabani fi haala akkamiin barreeffamu akka qaban armaan dura ilaaleera. Haa ta'u malee biyya keenya keessatti barreessii firii dubbii bu'uura seeraan fi qajeeltoowwan barreessa murtii hundee godhachuun raawwatamaa jiru jechuun hin dandayamu. Qabatamaatti haala seerri ajajuu fi qajeeltoon barreessa murtii gaafatuun ala himata/iyyata, deebii, falmii afaanii fi jecha shaayidootaa akkuma jirutti murtii keessatti bifa garagalchaatiin ni barreeffamu.

Kallattii kanaan rakkinni jiru kunis murtileen manneen murtii keenyaa gar-malee akka dhedheratani fi bakka bu'a galmee akka ta'an godheera. Rakkinni kun rakkina manneen murtii sadarkaa duraa irraa kaasee hanga dhaddacha ijibbaataati mul'atudha. Keessaahuu, rakkinni kun barreessa murtii yakkaatiin walqabatee rakkina bal'inaan mul'atu dha. Murtii yakkaa keessatti jecha shaayidootaa (maqaa isaanii, kakachuun isaanii osoo hin hafini, akkasumas gaaffii duraatiif… deebiin ragaan kennee) bifa garagalchaatiin barreessuun kan baratameedha.

Akkuma armaan olitti tuqametti akkuma murtii sadarkaa duraatii murtiin ol'iyyannoo firii dubbii hammachu qabu. Haa ta'u malee murtii ol'iyyannoo keessatti firiin dubbii murtii sadarkaa duraatiin daran gabaabatee barreeffamu qaba. Kanaaf haalli addaa akkuma jirutti ta'e akka waliigalatti murtiin sadarkaa ol'iyyannooti kennamu akka murtii sadarkaa duraati hin dheerattu. Akkasumas murtiin dhadhacha ijibbaataan kennamu daran gabaabaadha. Qabatamatti garuu, himatni himataa, deebii himatamaa, jechii shaayidotaa, murtiin mana murtii jalaa, akkasumas komiin ol'iyyataa fi falmiin sadarkaa ol'iyyannootti/ijibbaataatti gaggeeffame bifa garagalchaatiin murtii ol'iyyannoo/ijibbaataa

keessatti waan barreeffamuuf murtiin sadarkaa ol'iyyannoo/ijibbaataatti kennamu murtii sadarkaa duraa caalaa gar-malee yeroon itti dheeratuti jira.

2.3.2. Barreessa ijoo dubbiin walqabatee

Manni murtii mormii garee falmitoota irraa dhiyaateef qorachudhaan murtii haqa qabeessaa fi bu'aa qabeessa ta'e kennuuf qabxiilee gareewwan falmii irratti walii hin galle (point of dispute) tokko tokkoon adda baasun beeku qabu.

Ijoowwan dubbii haala akkamiin hunda'awu fi barreeffamu akka qaban armaan olitti tuqameera. Manni murtii ijoo dubbii dirqama hundeessuu akka qabu fi murtiin tokko ijoon dubbii hammachu akka qabu seeraan tumameera.

Haa ta'u malee hundeessii fi barreessii ijoo dubbii rakkina akka qabu murtiilee manneen murtii irraa hubachuun ni dandayama. Rakkoowwan jiran keessaa tokko ijoo dubbii sadarkaa itti hundaa'uu qabutti hundeessuu dhabuu dha. Fakkeenyaaf, dhimma sivilii ilaalchisee ijoo dubbii kan hundaa'u qabu osoo ragaan hin dhagayamini. Haa ta'u malee yeroo baay'ee ijoon dubbii kan hundaa'u erga ragaan dhagayameen booda murtii keessatti.

Rakkinni biroo ammo murtii keessatti ijoo dubbii barreessuu dhabu ykn ijoo dubbii ifa ta'e murtii keessatti barreessu dhabuudha. Qabiyyeen murtiilee manneen murtii tokko tokko ijoon dubbii kan hammatee miti. Yoo hammatee jiraatees ijoon dubbiichaa iftoomni isa hanqata. Kanaafiis sababootni baay'ee ta'aniis inni tokko gama abbootii seeraatiin qabiyyeen murtii tokko ijoo dubbii hammachu akka qabuufi murtii keessatti ijoo dubbii barreessuun dirqama akka ta'e hubannoon gayaa ta'e jiraachu dhabu isaatti. Inni biroo iyyatoonni abbootiin dhimmi dhiheessan ifa ta'uu dhabuu isaa fi manni murtiis yeroo himatni dhagahamutti falmitoota sirritti waan hin sakattaaneefi.

Kanaaf inni irratti murtaa'eef kallattii kanaan hir'ina jiru qabxii ol'iyyannoo godhee yammuu dhiheessu; manni murtii ol'iyyannoo dhagahuus murtii haaraa ta'e yammuu kennuu ykn ijoo dubbii sirreessuun dhimmicha gara mana murtii jalatti yammuu gad deebisu ni mul'ata. Kana irras darbee yeroon dhimmi daran salpha ta'e tokko daran wal-xaxa ta'e itti mul'atu jira.

2.3.3. Xiinxalaan walqabatee

Murtii keessatti firiiwwan dubbii rogummaa qaban erga gabaabinaan barreeffaman fi ijoowwan dubbii addaan bahaan ta'ani booda hojiin itti aanu ijoowwan dubbiif deebii laachudha ykn seeraa fi firii dubbii xiinxaluun falmicha guduunfuudha. Kutaan murtii kun kutaa manni murtichaa sababa murticha itti ibsamuu akka ta'e kanaa duraa ibsuuf yallameera.

Murtiin sivilii tokko ijoo dubbii qabame qofa osoo hintaane ijoon dubbichaa haala akkamiin akka murta'ee fi sababa itti murta'e hammachu akka qabu seerichaan tumameera (Kew.182). Haaluma walfakkaatuun murtiin yakkaa tokko ibsa ragaa qofa osoo hintaane manni murtii ragicha sababoota itti fudhatee fi fudhachuu dhabeef hammachu akka qabu haala dirqisiisaa ta'en seerichaan tumameera (Kew.149)

Haa ta'u malee kallattii kanaan rakkoowwan jiran baay'ee kan nama yaadeesaniidha. Rakkoowwan kana keessaa tokko murtii sababaan deeggaruu dhabuu ykn sababa gayaa fi ifa ta'en deeggaruu dhabuudha. Qabiyyee murtilee manneen murtii keenyaan kennamaa jiran baay'een isaanii yoo ilaalee galmee qoranne murtii armaan gadii kennineera erga jedhameen booda mata duree murtii jedhu ni barreeffama. Itti aanee himatni akkuma jirutti ni garagalfama. Itti aansee deebii himatamaa fi jechi shaayidoota akkuma jirutti erga gargalfamee booda "*falmiin bitaa fi mirgaa kan armaan olitti dhihaatee yammuu ta'u manni murtiis galmee qorateera. Akka qorateetiis himanaan, deebiin ykn ragaan dhihaate fudhatama kan qabu ta'e hin argamne. Kanaafuu,.....*" Haala kanaan himata, deebii fi jecha ragaalee akkuma jirutti garagalchuun sarara tokko ykn lama hin caalleen himatni dhihaate fudhatama argachuu ykn dhabuu isaa ibsuun murtiin kennamu murtii kaayyoo isaa galmaan gahe jechuun hin dandayamu.

Murtii baay'ee keessatti jecha ragoolee amanuufiis ta'e amanuu dhabuuf haalawwan taasisan ragaa wajjiin wal bira qabuun hin xiinxalaman. Murtileen kunis gabaasa firii dubbiiti malee murtii dha jechuun nama rakkisa.

Gabaabumatti murtileen manneen murtii biyya ykn naannoo keenyaa baay'een isaanii xiinxala isaan hanqata. Keessaahuu, rakkinni kun rakkina murtii yakkaa ilaalchisee bal'inaan mul'atuu dha. Kallattii

kanaan qabiyyee murtiilee yakkaa yammuu sakatta'amu murtii keessatti himatni abbaa alangaa, himatamaan jecha amanataa fi waakkii kennee, jecha ragoolee bitaa fi mirgaa akkuma jirutti erga garagalfameen booda himatamaan bu'uura ragaa irratti dhihaateetin balleessaa ta'e argameera jechuudhaan xummuramu. Murtiin irra caalaan isaanii ragaan dhihaate shakki tokko malee himatamaa irratti waan mirkaneesseef himatamaan keewwata itti himatame jalatti balleessaa ta'ee argamee jira jechuu bira darbanii ragawwan dhihaatan akkamitti balleessummaa himatamaa akka argisiisan tokko tokkoon tarreessuudhan seeraan wal-bira qabuun kan xiinxalamani miti.

Akkasumas, murtii yakkaa keessatti ragaan ittisaa fudhatama akka hin qabne ibsu irra darbee ragaawwan kunnniin akkamitti fudhatama akka dhaban tokko tokkoon hin ibsamu. Yeroo baay'ee ragaawwan ittisaa fudhatama akka hinqabne jecha waliigalaattin (general terms) ibsama. Fakkeenyaaf,

- Jechi ragoolee ittisaa kan wal-utubu osoo hin taane kan walfalleessuu waan ta'eef fudhatama hin qabu;
- Ragooleen ittisaa mana adabaa irraa kan dhihaatan waan ta'aniif kan amantaan irratti gatamuu miti;
- Ragooleen ittisaa ta'e jedhanii wal-ijaaruun himatamaa yakka jalaa bilisaa baasuuf kan dhihaataniidha kkf.. jechun murtii kennuun kan baratamedha.

Kutaa xiinxala murtii keessatti rakkinni biroo ammo firii dubbii (himata fi ragaa) irra deddebi'uun barreessuuti. Murtii tokko keessatti firiiwwan dubbii bu'aa seeraa qabani fi itti aansee ammo ijoowwan dubbii erga ibsaman booda kutaan itti aanee dhufu kutaa himatni, deebii fi jechi ragoolee si'a lammaffaaf itti garagalfaman osoo hin taane kutaa firriiwwan dubbii ijoowwan dubbii wajjiin wal bira qabamanii itti xiinxalamaniidha.

Haa ta'u malee himata, deebii fi jecha ragoolee si'a lammaffaaf kutaa xiinxala murtii keessatti garagalchuun kan baratameedha. Kun ta'un isaa qabatamaatti murtilee manneen murtii keenyaa gar-malee akka dheeratan godheera jechuun ni dandayama. Kun wanta sirreeffamu qabudha.

Bu’uura qajeeltoowwan barreessa murtiitiin murtii keessatti himata, deebii fi jecha ragoolee akkuma jirutti garagalfamu hin qabu qofa osoo hin taane si’a lammaffaaf kutaa xiinxala murtii keessatti jecha ragoolee irra deebi’amee barreeffamu hin qabu.

2.3.4. Qabxiilee biroon walqabatee

Barreessa murtiin walqabatee rakkoowwan jiran isaan armaan olii qofa miti. Kan biroos jiru. Isaan kana keessaa:

- Rakkina iftoomaa. Murtiileen manneen murtii tokko tokko rakkina iftoomaa qabu. Kanarraa kan ka’e eenyuuf akka murtaa'ee ykn eenyu irratti akka murtaa'e murticha irraa hubachuun yeroo nama rakkisu jira. Akkasumas, manni murtii ol’iyyannoo dhagayu yammuu murtii jalaa fooyyeessuu hangam akka fooyyeessee yeroon beekuuf nama rakkisu jira. Keessaahuu, manni murtii ol’iyyannoo dhagayu dhimmichi mana murtii jalatti deebi’ee akka ilaalamu murtiin kennamu rakkina iftoomaa waan qabuuf manni murtii jalaa maal akka raawwachu qabu yammuu itti rakkatu jira.
- Rakkina qubee
- Rakkina barreeffama harkaa.
- Rakkina wal-duraa duubaa murtii.
- Rakkina himaa gagabaabaan fayyadamu dhabuu;
- Madaalawwaa ta’u dhabuu; miira keessaa callqisiisu; isa badii raawwatee ragaa fi jecha seeraa caala balaalleffachu.
- Falmii fi ragaa dhihaate osoo hin xiinxaliin bira darbuu.
- Sanadoota dhihaatan sirritti eruu dhabu fi kkf. .. caqasuun ni dandayama.

Qabxiilee Marii

1. Barreessa murtiin walqabatee rakkoowwan armaan olitti tuttuqamanin ala rakkoowwan biroo ibsaa.
2. Mana murtiiti himatnaa beenyaa dhihaatu keessaa tokko bal'a konkoolaataa wajjiin kan walqabateedha. Bu'uuruma kanaan himata balleessaa himatamaatiin konkolaataan rukutamee miidhaan irra gahuu isaa caqasuun beenyaan akka kaffalamuuf yammuu gaafatu gama himatamaatiin falmii yeroo baay'e dhihaatu keessaa tokko balaan kan gahe balleessaa himataatiini kan jedhuudha. Haa ta'u malee falmiin akkanaa kun yammuu dhihaatu gama manneen murtiitiin ijoo dubbii adda adda hundaawan ni mul'atu. Fakkeenyaaf, manneen murtii tokko tokko akka ijoo dubbitti"*balleessaan kan eenyuutti?''* jedhu yammuu hundeessu manneen murtii biroo ammo''*himatamaan balleessaa raawwateeraa?* kan jedhu hundeessuu. Ammaas manneen murtii biroo "*himataan balleessaa raawwateeraa?* kan jedhu hundeessu. Ijoo dubbii isa kamittu sirriidha jettu? Maaliif?
3. ***Murtii 1ffaa:*** Himatamaan seera yakkaa durii Kew. 656(a) fi 558(d) darbudhaan cheekii suuqii gamtaa gandaa harka isaa galee irratti mallattoo dura ta'aa suuqichaa fakkeessudhaan erga mallatteeseen booda mahallaqicha baasudhaan faayyidaa dhuunfaatiif olchee jira jechuun yakka gowwoomsuutin himatame. Himataman himata irratti dhihaatee amneera. Manni murtii murtii keessatti himata, raga fi himatamaan amanu isa erga ibseen booda".....*Gochi himatamaa yakka gowwoomsuuti jedhamee irratti haa mirkanaa'u malee gochi isaa kun yammu ilaallamu saamicha ifa ta'e irraa adda ba'e kan ilaallamu ta'ee hin argamne. Himatamaan ganda keessatti mindeeffame kan hojjatu yoo ta'u kan jiraatuus gandichuma kana keessa ta'uun isaa mirkanaa'e jira. Suuqin gamataa gandichaa tajaajila jirattota gandichaatiif kennu qullatti hafee yammuu ilaallamu badiin inni uume mahaallaqa gowwoomsee fudhachu qofa osoo hin ta'in jiraattoonni gandichaa suuqii gamitichaatti akka hin tajaajilaminne rakko irratti kan gate, gammachu mataa isaatiif kan dhaabbate, of-jaalataa, balleessaa balleessitootaati*

oto jedhame dhugaa irraa kan fagatee miti. Himatamaan kun himatni isa gahee yammuu gaafatamu mahaallaqicha hiri'ota koo waliin itti bashananee jechuun dhaddacha irratti yammuu dubbatu saalfannaan kan itti hin dhagahaminnedha….Baankiin immoo mallattoo sirritti walbiratti osoo ilaalin ittigaafatamummaa fi dirqama isaa akka hin bahin argisisa… jechuun erga ibseen booda himatamaa balleessadha jechuun murtii kenneera.

a. Murtii kana akkamitti madaaltu?

b. Barreessa murtii kanaa tumaa seera deemmii falmii yakkaa fi qajeeltoowwan barreessa murtii wajjiin wal bira qabuun tokko tokkoon qeeqaa.

4. ***Murtii 2faa.*** Murtiin kun murtii Manni Murtii Ol'aanaa Fedeeraalaa ol'iyyataa mucatti isaa dirqisiisee gudeedeera jedhame mana murtii sadarkaa duraatiin hidhaa cimaa waggaa 17 akka adabamu itti murtaa'e bilisaan akka gaggeeffamu laatee yammuu ta'u manni murtichaas "**ውሣኔ**" mata duree jedhu erga barreessee booda mata duree kana jalatti walduraa duubaan:

   - Komii ol'iyyataa;
   - Himata abbaa alangaa;
   - Jecha ragaalee sadarkaa jalatti dhagayamani;
   - Jecha himatamaan bu'uura s/d/f/y/kew.35 laatee;
   - Ragaa mana yaalaa;
   - Ol'iyyataan bu'uura s/d/f/y/kew.142 of akka ittisu jedhamu isaa;
   - Ragoolee ittisaa oliyyataan dhiheessee;
   - Yaada murtii bitaa fi mirgii dhiheefatan;
   - Manni murtii jalaa oliyyataa balleessaa godhee hidhaa waggaa 17 akka adabamu murteessu isaa;
   - Ragaa mana yaalaa irratti yaadni oliyyataan dhiheessee fi

- Adabbii ilaalchisee yaada bitaa fi mirgii dhiheessan erga haala kanaan galmeessee booda himatni abbaa alangaa; falmiin bitaa fi mirgaa fi murtiin mana murtii jalaa isa armaan olitti tarreeffame kana fakkaataa jechuun xumura. Falmii sadarkaa ol'iyyannooti dhihaatees walduraa duubaan:
- Komii ol'iyyataa tokko tokkoon;
- Deebii abbaa alangaa erga galmeessee booda falmichaaf gaaffilee lama deebii barbaadan yammuu baasuu:

"ተበዳይ ነኝ ባዩዋ ለፍርድ ቤቱ ያስመዘገበችው ምስክርነት የሚታመን ነውን? ተከሳሹ ለፍርድ ቤት ያስመዘገበው ቃልስ እውነት ነውን? የሚሉት ጥያቄዎች መልስ ማግኘት ይኖርባቸዋል። በሓኪም ተገኘ የተባለው ማስረጃ አሁን ለተያዘው ክርክር አንዳች ፋይዳ ስለሌለውና መናኛ በሆነ ጉዳይ ጊዜ ማባከን ስለማያስፈልግ ከፍ ብሎ ለተመለከቱት ጥያቄዎች መልስ ወደመፈለጉ ተግባር እንሰማራ፡-

በሻይ ውስጥ ነጭ ነገር ቀላቅሎ ያጠጣት አባቷ ሲደፍራት በመደንዘዙዋ ምክንያት መደፈሯን ማወቅ ያልቻለችው ተበዳይ ነኝ ባይ መጀመሪያ የተደፈረችው በ1988 ዓ.ም መሆኑን እንዴት አወቀች? በሃይል ያፈናት መሆኑንስ እንዴት ተረዳች? አስገድዶ መድፈር ካለ ጩሀት አለ፤ ይሕ ካለ ሰው ይሰማል፤ ሰው ከሰማ ግርግር ይፈጥራል፤ ይህ ያልተከሰተበት ምክንያት ምንድን ነው? ለእናቷ የመደፈሯን ነገር ያላሳወቀቻት እናት የደም ግፍት ሕመም ስላለባት ነው፤ ለዚህ ማረጋገጫው የት አለ? ሁለት ሴት ልጆች ተበዳይ ነኝ ባዩዋ ጭምር ዘወትር የሚተኙት ከኔ ጋር ከአባታቸው ጋር ነበር ሲል ይግባኝ ባዩ አረጋገጧል፤ተበዳይ ነኝ ባዩዋ ፍርድ ቤት ቀርባ ስተመሰክር ግን "ተከሣሹ በተደጋጋሚ ወሰቢ ይፈጽምብኝ የነበረው ወደኔ መኝታ ቤት እየመጣ ነበር" ብላለች። የማንን አነጋገር ይታመናል? የይግባኝ ባዩ አነጋገር ሓሰት ነው ያለ ተከራካሪም ሆነ ተመልካች ያለም።

"የተከሣሹ ብልግና በድብቅ ለሶስት ዓመታት ያህል ሲፈፀም ቆይቶ ይፋ የወጣው፣ ሊገለጽ ያቻለው ማሕፀኔን ሲያመኝ ጊዜ ለእናቴ እህት ለአክስቴ ስለነገርሁዋት ነው" በማለት ተበዳይ

ነኝ ባዩዋ መስክራለች፡፡ በመጀመሪያው ቀን ሩካቤ ሥጋ ሲፈጸምባት ማሕፀኗን ለምን አላመማትም? የማሕፀኑ መታመም የተከሰተው ተከሳሹ ስለደፈራት ነው? ወይስ በሌላ ምክንያት? ይችን ሰው ይግባኝ ባዩ አባቷ ይቆጣጠራት እንደነበር ተነግሯል፡፡ ይህም አልተካደም፡፡ ጥብቅ ቁጥጥር ያድርግባት የነበረው ማሕፀን የሚያሳምም ክፋ በሽታ ላይ የሚጥል የዋልጌነትና የብልግና ተግባር ትፈጽማለች ብሎ ጠርጥሮ ከሆነስ? እየተቆጣጠረ ከሚያስቸግረኝ መላ ልፈልግና እርሱን ወደከርቸሌ ሸኝቼ እኔ “በነጻነት” ልመላለስ ብላ አስባ እንድሆነ ማን ያውቃል? የምትኖርበት ቤት በአንድ መጠጥ ቤት ጋር የተያያዘ መሆኑን ተበዳይ ነኝ ባዩዋ ራሷ አረጋግጣለች፡፡ አልፎ ተርፎም ተበዳይ ነኝ ባዩዋ በ1988 ዓ.ም ፣0/ህግና ተበዳይነኝ ባይ እንዳሉት የ14 ዓመት ሣይሆን የአስራ ስምንት ዓመት ወይዘሪት ስለነበረች በዚህ የእድሜ ደረጃ ላይ የሚገኙ ወጣቶች የሚሰሩትን የሚያሳጣቸው እሳት በጉያች ሸጉጠው እንደሚከነፉ የታወቀ ነው፡፡ ተቆጣጣሪና ማካሪ ዘካሪ ካላገኙ ወይ ካለደመጡ፡፡ በዚህ ሁሉ መሃል ያሻትን አድርጋ “ቤተሰቦቼ የቁጣ መዓት ከሚያወርዱብኝ ነጋ ጠባ አጥብቆ የሞቆጣጠረኝና የሚነዘንዘኝ አባቴ ደፈረኝ ብል ይህ ጥሩ ዘዴ ነው” የሚል ሐሳብ አእምሮዋ አርግዞ ወልዶ እንደሆነስ? እንዲህ ያለውን ከባድ እና መላውን ቤተሰብ የሚያናጋ ምስጥር ለእናቷ መንገር ነበር የሚቀለው? ወይስ ለአክስቷ?ወስብ ተፈጸመ የተባለው ከሶስት አመት በፊት እና በተከታታዩች ጊዜያት፤ ማሕፀኗ የታመመው ከሶስት ዓመት በዋላ ያውም የወሲብ ተግባርን ያለስቃይ ማስተናገድ ተለማምዶ ሳለ አባቴ ወሲብ ይፈጽምብኝ ስለነበር አሁን ማህፀኔን አመመኝ ብላ ለአክስቷ ተናገረች ቢባል ይህ የሚታመን ነውን? የዚች ተበዳይ ነኝ ባይ ሴት ምስክርነት የሚጠረጠር ብቻ ሳይሆን ጨርሶ የሚታመን አይደለም እንላላን፡፡

ሁለተኛውንና የመጨረሻውን ጥያቄ እንመርምር፡፡ ተከሳሹ ለፖ/ሊስ የሰጠው ቃል በድብደባና በተጽዕኖ የተገኘ ነው የሚል ዕምነት የስር ፍርድ ቤት እንደሳዳሪ ተገንዝባናል፡፡ የእኛም ዕምነት ይኸው ነው፡፡ በዚህ ረገድ ሓሳቦችን ከስር ፍርድ ቤቱ ሓሳብ ጋር ይስማማል፡፡ ተከሳሹን በፖ/ሊስ ጣቢያ ውስጥ ደበድቦና አሰቃይቶ ያልሆነውን ሆነ ያሰኘው መርማሪ ፍርድ ቤት ተከትሎት መጥቶ “በአይን ጥቅሻ እና በከንፈር ንክሻ”ልክ ፖ/ሊስ ጣቢያ ውስጥ በነገርከኝ አይነት ለፍርድ ቤት ባታስመዘግብ ወየውልህ! ትገባታለህ! አይለውም አይባልም፡፡ መርማሪው ተከሳሹን ተከትሎ ፍርድ ቤት መቅረብ አልተስተተባበለም፡፡ ተከሳሹ ብርቱ ማስጠንቀቂያ ከመርማሪው ተቀብሎ እያለ፣ መርማሪው በችሎት ተገኝቶ ከተከሳሹ ጋር እየተያዩ ከንፈሩን እየነከሰበት ሣለ የሚመለከቱት ተከሳሹንና የሚጽፉበትን ወረቀት እንጂ ተከሳሹን የመረመረውን ወታደር አይደለም፡፡ ስለሆነም መርማሪው “በአይን ጥቅሻ እና በከንፈር ንክሻ” ተከሳሹ ጋር እየተያዩ ከንፈሩን እየነከሰበት ሣለ የሚያስታውሰው በፖ/ሊስ ጣቢያ ውስጥ የተፈፀመበትን ሠቆቃ እንጂ ሌላ ሊሆን አይችልም፡፡ አሁንም ፍ/ቤቱ ውስጥ በፍርሓትና ሥጋት ተሞልቶ ያላደረገውን አድርጌያለሁ የማይልበት ምክንያት አይኖርም አይችልም፡፡ የተከሳሹን ቃል የሚመዘግቡት ዳኛ የሚመለከቱት ተከሳሹንና የሚጽፍበት ወረቀት እንጂ ተከሳሹን የመረመረውን ወታደር

አይደለም። ስለሆነም መርማሪው "በአይን ጥቅሻ እና በከንፈር ንክሻ" ተከሳሹን ሲያስፈራራው ሊመለከቱት አይችሉም የሚል ዕምነት አለን። ፍርድ ቤቱ የተከሳሹን ቃል ሲመዘግብ መረማሪው አግልሎ በዝግ ችሎት ቢሆን ምንኛ መልካም ነበር። ይህ መፈጸሙን የሚገልጽ አንዳች ነገር አልቀረበም። ተከሳሹ ለፖ/ሊስ የሰጠው ቃል እና ለፍርድ ቤት ያስመዘገበው ቃል በእጅጉ ተመሳሰይነት አለው። የቃላት ልዩነት እንኳ ብዙ የለበትም። ይህም መርማሪው ተከሳሹን "በጣቢያ የሰጠኸውን ሳትጨምር ሳትቀንስ ለፍ/ቤቱም ባትናግር ትገባታለህ" ሲል ዝበታል መባሉን በይልጥ እንደናምን የሚያደርግ ነው።

አስቀድሞ ብርቱ የስነልቦና ጫና የተደረገበት ተከሳሽ ፍርድ ቤት ስለቀረበ ብቻ ለፍርድ ቤቱ ያስመዘገበው ቃል የማያወላውል ማስረጃ ነው ማለት እንዴት ይቻላል? ዳኛ ፊት የተደረገው ሁሉ ትክክልና ዕውነት ነው ብሎ መቀበል የዋህነት ይመስላል። ስለሆነም የሥር ፍርድ ቤት "ተከሳሹ ለፖ/ሊስ የሰጠው ቃል ትክክል ነው ብሎ በማስረጃነት መቀበል አልተቻለም፤ ይሁን እንጂ ተከሳሹ ለፍርድ ቤት ያስመዘገበው ተመሳሳይ ቃል ጠንካራ ማስረጃ ነው" ማለቱ መሰረት የሌለው ሆኖ አግኝተንዋል። ተከሳሹ ለፍርድ ቤቱ ያስመዘገበው፣ በወ.መ.ሥ.ሥ.ሕ.ቁ 35 መሰረት ተሰጠ የተባለው ቃል ዕውነት አይደለም ብለናል።

ለማሣየት እንደሞከርነው ይግባን ባዩ ጥፋተኛ ዕንዲባልና በ17 ዓመት ፅኑ እስራት እንድቀጣ መሰረት የሆኑት የዐ/ህግ ማስረጃዎች ባዶ ሆነው ስላገኘናቸው፣ በአጠራጣሪ ማስረጃ ላይ የተመሰረተ ፍርድ ከመፍረድ አንድ ሺህ ወንጀለኞች ሳይፈረድባቸውና ሳይቀጡ ቢታለፍ ይሻላል ብለን የስር ፍ/ቤት ህዳር 11 ቀን 1993 ዓ.ም የሰጠውን ውሳኔ በወ.መ.ሥ.ሥ. ሕ.ቁ 195 (2) (ለ) (1) መሰረት ሽረነዋል። ቅጣቱን ሰርዘናል። ይግባኝ ባይ የተከሰሰበትን ወንጀል መፈጸሙን የሚያረጋግጥ ሁነኛ ማስረጃ አልቀረበበትም ብለን በነጻ አሰናብተነዋል።

ጉዳዩ በጽ/ቤት ሲመረመር ቆይቶ ዛሬ ታህሣሥ 22 ቀን 1995 ዓ.ም ተወሰነ" jechuun murtii kenneera.

a. Murtiin kun kaayyoo isaa kan galmaan gaheedha jettu? Maaliif?
b. Murtiin kun firii dubbii, ijoo dubbii, xiinxalaa fi guduunfaa hammachu isaa mirkaneeffadha. Qajeeltoowwan barreessa murtii wajjiin wal bira qabuun barreessa qabxiilee kanaa tokko tokkooni fi barreessa murtichaa akka waliigalatti qeeqaa.

5. ***Murtii 3ffaa:*** Murtiin kun murtii Manni Murtii Ol'aanaa galmee yakkaa irratti laatee yammuu ta'u manni murtichaas mata duree murtii jedhu jalatti wal duraa duubaan:

- Himata abbaa alangaa;
- Himatamaan jecha amantaa fi waakkii yammuu gaafatamu waakkachu isaa;
- Jecha ragoolee seeraa;
- Ragaan mana yaalaas kan inni du'e iddoo adda addaa irraa sosolloqaa qabaachuu ibsu galmee keessa akka jiru;
- Himatamaan akka of irraa ittisu jal-murtiin kennamu isaa;
- Himatamaan raga ittisaa dhiheefachu isaatii fi ijoo dubbii qabsiifate fi
- Jecha ragoolee ittisaa erga ibsee booda:

"Ragoonni ittisaa jecha ragummaa yoo kennan akkuma ijoo qabamee kanatti miidhaamaan kan du'e dhukkubaan fi nama biraa wajjiin wal-lolee miidhaa sababii saniin irraa ga'een kan du'ee ta'uu fi gaafa miidhaamaan du'u kana himatamaan biyya kan hin jiree Finfinnee kan turee eega miidhamaan du'e kan gale ta'uu dubbatan.

Nutiis galmee kana keessa qorannee himata dhiyaate, jecha himatamaa, raga bitaa mirgaa fi seera waliin akka raawwachuu isaa mirkaneessanii jiru. Ragaa ittisaa himatamaa garuu yoo ilaallu himatmaan gaafa miidhamaan du'u jiraachuu dhabuu isaa kan dubbatan himatamaan miidhaa geessisee deemuus waan danda'uuf kun nama hin amansiisu. Gama biraatiin dhukkuba biraan du'uuf ragaan ogeessaa barbaachisaa malee namni kamiyyuu dhukkuba biraan du'e yoo jedhame fudhatama hin qabu. Kanaafuu ragaa ittisaa himatmaa akkasumaan qindoominaan himatamaa yakka jalaa baasuuf qindaa'anii kan dhiyaatan malee raga abbaa alangaa fashaaleessanii kan irraa ittisan waan hin taaneef kufaa goonee bira kunnee jira.

Gama biraatiin himata abbaa alangaa seera keewwata caqasamee fi jecha raga abbaa alangaa keesumaahuu raga abbaa alangaa 1ffaa kan ibse yoo ilaallu himatamaan kun ajjechaa raawwachuuf yaada sammuu ni qabaa? waan jedhu yoo ilaallu ragummaan kunuu yoo ibsu himatamaan nuuniis surattuu akka numatti nutuma kan jedhu dubbatee jira. Kana yoo ilaalluu

himatmaan kun miidhaama ajjeessuuf yaadee osoo hin ta'in akkuma aadaa abbaan ilmoo adabutti adabuuf kan godhe ta'uu namatti agarsiisa.

Gama biraatiin akka ragummaan kun ibsetti himatamaan eega miidhamaa tume booda gad-bahee haakima geessaa kan jedhaeen ta'uu ibsa- kun immoo namni nama ajjeessuuf yadeetuma tokko ajjeesee dhiisa malee akka yaalamu hin godhu. Kuniis kan namatti argisiisu himatamaan miidhamaa ajjeessuuf yaada kan hin qabnee ta'uu namatti orgisiisa. Haa ta'uu malee himatamaan kun daa'ima ofii yoo adaban akka maleetti yoo tuman du'uu danda'a kan jedhu yaaduutu irra ture, kana yaaduu dhabuun isaa immoo dagannoo waanni ta'e haata'u jechuun yakka kana kan raawwate ta'uu namatti agarsiisa.

Kanaafuu gachaan kun keewwata abbaan alangaa jalatti himata dhiyyeesse S.A.Y bara 1996 bahe kee 540 jalatti kan kufu waan hin taaneef kee 543 (1) jalatti jijjiirree balleessaa qaba jennee sagalee tokkoon murtii balleessummaa kenninee jirra jechuun" hidhaa waggaa lamaa (2) tiin akka adabamu murtii kenneera.

a. Qabiyyeen murtii kanaa guutuummaa qaba? (Firii dubbii, ijoo dubbii, xiinxala, guduunfaa fi kutaa raawwii). Kallattii kanaan barreessa murtii kanaa akkamitti madaaltu?
b. Ragaa ittisaa madaalu irratti murtii kana akkamitti madaaltu?
c. Sanadoota murtii keessatti eeru ilaalchisee murtii kana akkamitti madaaltu?

6. ***Murtii 4ffaa***: Murtiin kun murtii Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsii galmee yakkaa irratti laatee yammuu ta'u akkaama murtii 3ffaati himata abbaa alangaa, himatamaan waakkachuu isaa; jecha ragoolee seeraa; ijoo dubbii himatamaan qabsiifatee fi jecha ragoolee ittisaa wal duraa dubaan erga barreeffaman booda:

"Manni murtii falmiin fi ragaan bitaaf mirgaa akka armaan olitti yoo tahuu akka galmee keessaa qorannee ilaaletti ragaa ittisaa haala amansisaaf shakkiidhaan ol taheen ragaa abbaa alangaa fashaleessudhaan kan ragaa bahaan tahuu hubaneera. Kanaafuu, walumagalatti ragaan A/alangaa kan birraas midhamaan ragaasaan rukutamee kan

du'ee tahuu kan ibsuu tahuus ragaan ittisa ragaa A/alangaa fashaaleessuudhaan mirkaneesaan kan ragaa bahaan waan taheef himatamaan waan ofirratti ittifateef bilisaa jennee akkaataa bu'uura s/d/f/A/y lakk 149/2/tiin murteessineera" jechuun murtiin laatameera.

a. Murtiin kun qajeeltoo barreessa murtii qabiyyeen murtii guutuu ta'u qaba isa jedhu wajjiin akkamitti madaaltu?
b. Murtiin kun qabxiilee murtiin tokko hammachu qabu hammachu isaa mirkaneeffadha.

7. ***Murtii 5ffaa.*** Murtiin kun murtii manni murtii Ol'aanaa G/Shawaa Bahaa galmee Yakkaa Lakk. 17601 ta'en laatee yammuu ta'u manni murtichaas mata duree murtii jedhu jalatti wal duraa duubaan:
    - Himata abbaa alangaa;
    - Himatamaan jecha amantaa fi waakkii yammuu gaafatamu gochicha of irraa ittisuufiin raawwadhe jechuu isaa;
    - Jecha ragoolee seeraa guutummaan guututi;
    - Himatamaan akka of irraa ittisu ajajinni kennamu isaa;
    - Himatamaan raga ittisaa dhiheefachu isaatii fi ijoo dubbii qabsiifate fi
    - Jecha ragoolee ittisaa akkuma jirutti erga barreessee booda:

"Falmiin bitaafi mirgaas kanumaan xumuramee. Nutis kanumaan galmee keessa qoraneera. Akka qoarnnettis himata a/alangaa dhiyeese irratti himatamaan jedha isaa yemuu kennu gocha raawachuu isaa amanee garuu gocha kara kanaan raawwadhe miidhamaan cuubee qabatee mana koo fuula duratt na waaraanun yoo jedhu lubbu koo baasuf jecha kana rukute waan ta'eef balleessa hin qabu jedheera. R/alanagaa namni 2 (lama) dhiyaatanii jecha yemmuu kennan himatamaan kun dursee miidhamaa muka qottootiin rukutee harka mirgaa cabsee itti dabalee shuguxii dhukaasee rukutee kan jedhan yoo ta'u, ragaan mana yaalaa akka hubatamuti garuu, qaama midhamaa irratti bakka mataa rasaasaan rukutamee malee bakka biro irra kan rukutame

ta'uu kan ibsu miti. Gama birootiin R/a/alangaa 1ffaan dura himatamaa fi midhaamaan wali qabaa turani yoo jettu r/a/alangaa 2ffaa ammo himatamaan akkuma dhufeen harka midhamaa rukute malee wali hin qabne jedheera. Gama biraatiin r/a/alangaa 1ffaa yemuu isaan wal qaban ani waca dhagayee manaa bahee kaadhee alati dura bira gahe manni koo bakka sana irra tilmaamaan meetiraa 100 ni fagaata, r/a/alangaa 2ffaa ta'ee jecha kan kennee 3ffaa irrati dhufe yoo jettu, r/a/alangaa 2ffaa ta'ee kan jedcha kanne ammo ani durumaanu midhamaa wajjiin ture yeroo himatamaan muka qottoottin midhamaa rukutuu ani fageenya meetira 10 irraa ture jedhee ragaa baheera.- Haala kanaan ragaa bitaaf mirgaan wali biratii yemmuu madaalamu ragaan ittisaa kan madaalli kaasu ta'ee argama. Haala kanaan gachi himatamaa kanaa keewwataa a/alangaa caqasee dhiyeese jalatti kan himatamu ta'ee hin argamne. Gama biraatiin himatamaan gocha kana kana raawwatee midhaamaan cuubeeshaan ana waraanuf yoo jedhu anis of irraa ittisuuf jedcha shuguxii dhukaasee rukutee ofirraa ittisuuf haa jedhu malee kan midhaamaan itti waraanuf yaale cuubeedhaan yoo ta'u himatamaan garuu kan waraanee shuguxiidhaan waan ta'eef kuni meeshaa walimadalu ta'ee hin argamne. Kanaafu keewwata a/alangaa himata isaarati caqase jijjiruudhaan gadi himatamoo kana s/y/baa 1997 bahe keewwata 541 (A) jalatti balleessa dha jenne sagalee tokkoon murteesineera" jechuun bitaa fi mirgaa irraa yaada adabbii galmeessuun himatamaa hidhaa waggaa tokkoon akka adabamu murtiin kennameera.

a. Qajeeltoowwan barreessa murtii hundee godhachuun murtii kana madaalaa.
b. Murtii kana keessatti barreessii firii dubbii, ijoo dubbii, xiinxalaa fi guduunfaa rakkina qaba jettu? Rakkina qaba kan jettan yoo ta'e rakkina kana tokko tokkoon ibsaa.

Maddewwan Wabii

1. Seera Deemmii Falmii Siviilii Itoophiyaa (1958)
2. Seera Deemmii Falmii Yakkaa Itoophiyaa(1954)
3. Seera Sivilii Itoophiyaa(1962)
4. Sedler.A, Robert.Ethiopian Civil Procedure(1968)
5. T.L. Venkatarma Aiyar, Mullaa on the Code of Civil Procedure. Vol.I N.M. Tripathi Pvt.Ltd., Bomby(1965)
6. Balcks Law Dictionary (2004)
7. Joyce J.Georngе, Judicial Opinion Writing Handbook, (3rd, ed) 1993
8. Rafiq, Mohammad. Judgment Writing and Communicating Effectively through Judgment, at http://hcraj.n.c.in/fafiq-judgment-effective,pdf
9. Atkinson, Roslyn and etals. Principles of Judgment Writing in Criminal Trials, at file://F:/PRINCIPLES%200F%JUDGMENT%20WRITING%20IN%20CRIMINAL
10. Murtiilee manneen murtii.
11. ውብሸት ሽፈራ, የውሳኔ አጻጻፍ እና ህገመንግስቱ (ለቅድመ ሥልጠና የተዘጋጀ ሞጁል ጥቅምት 2001)
12. ወንብር አለማየሁ ሓይሌ መታሰብያ ድርጅት በፍታብሔር ሥነ ሥርዓት ሕግ መሰረታዊ ችግሮችና ማሻሻያዎቹ ላይ ያተኮረ ኮንፍረንስ (16/3/1998 — 16/3/1998) አድስ አበባ (1998)
13. አበበ ሙላት እና ሳሙል ተሸለ. የፍርድ አሰጣጥና አፃፃፍ በኢትዮጵያ በፍርድ ቤቶች አስተዳደር ማሻሻያ ፕሮጅክት አማካይነት በፊደራል ጠቅላይ ፍ/ቤት እና በኢትዮጵያ ሲቭል ሰርቭስ ኮሌጅ የሕግ ፋካሊቲ ትብብር የተዘጋጀ.

Miiltoo

Keewwatootta Seera Deemmii Falmii Sivilii

Art. 182. Contents of Judgment

1. *The judgment shall contain the points for determination, the decision thereon and the reasons for such decision:*

   Provided that a judgment given in first instance shall also contain a concise statement of the case and a judgment of a Appellate Court shall, where the decree appealed from is reversed or varied, specify the relief to which the appellant is entitled.
2. *A court of first instance may not give judgment on any matter not specifically raised by the parties, but an appellate Court may pass any decree or make any order which ought to have been passed or made, and may pass or make such further or other decree or order as the case may require.*
3. *Where several issues have been frames, the court shall state its decision on each separate issue unless the decision on any one or more issues is sufficient for the decision of the case.*

Art. 183. Framing and Contents of decree

1. *After delivery, the operative part of all judgments shall be reduced to the form of a decree which shall contain:*

a. *The number of the suit or appeal;*
b. *The names and description of the parties;*
c. *When the judgment has been given in first instance, the particulars of the claim;*
d. *A clear order to do or to abstain from doing something or to pay a do finite sum of money or to deliver a particular thing or to surrender or restore immovable Property, as the case be, and, where appropriate, adscription, in the form provided for by Art 225, of the subject-matter of the case;*
e. *The amount of costs incurred in the suit or appeal, and by whom, or out of what property such costs are to be paid:*

Provided that an Appellate court may specify by home and home are to be paid the costs incurred in the suit in which the decree appealed form was passed;

Such particulars as are necessary so that it be susceptible of execution:

f. Provided that an Appellate court may itself give the necessary directions for the execution of its decree or may delegate the execution there of to the court which first heard the case; and

g. Where the decree can be executed by the personal obedience of the judgment debtor, the time within which it shall be executed.

2. The decree shall be signed and dated by the judge or judges who passed it, exclusive of any judge who may have dissented from the judgment:

Provided that, where a judge is for whatever reason, such as death, transfer or retirement, unable to sign the decree after giving judgment, a decree drawn up in accordance with such judgment may be signed by any judge of the court which gave judgment or, if such court has ceased to exist, by any judge of any court to which such ourt was subordinate.